

سُورَةُ يُوسُفَ

Suuraa Yuusuf

*Dura dursoo suuran tun suuraa Yuusuf je'amti, waan qissaa nabi yuusuf akkaan isii keessatti dubbatamteef,

فبل كل شئ هذه هي سورة يوسف

*Isiin suuraa makkaatii, aayata ۷.۷,۳,۲,۱ma-
lee sun ta madiina'aati

وهي سورة مكية إلا الآية ۷.۷,۳,۲,۱ فهي

مدنية

*Aayaanni isiidhaa dhibbaafii kudha tokko {111} .

وآياتها مائة وأحد عشر آية { ۱۱۱ }

*Lakkooyi isi'ii kudha lama {12}

وترتيبها { ۱۲ }

*Isiin eega suuraa {huudii} booda

نزلت بعد سورة هود

*Jalqabni suuraa tana maqaa waaqa Rabbii qanani guddo'oo xoqqoon waa hunda qananiisuti,

*Jecha kana Rabbiitu makgnaa isaa beekha, haa tayuu gariin ulama'iidhaa {أ} {allaah} }

الر

{ل}{laxiif} {ر} {rahgiim} je'a,

*Aayanni kun takkaa suuran tun,

تلك

1} *Aayata qur'aana haqa ibsuuti .

آيَاتُ الْكِتَابِ الْمُبِينِ ﴿١﴾

*Qur'aana kana afaan arabaatin buufne,

إِنَّا أَنْزَلْنَاهُ قُرْآنًا عَرَبِيًّا

2} *Akka isin,yaa warra makkaa, haqa beyt-anii amantaniif jecha, eega makgnaa isaa beytanii.

لَعَلَّكُمْ تَعْقِلُونَ ﴿٢﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, nuti oduu dur yookaa qissoota dhuga'aati siif odeessina,

مَنْ نَقُصُّ عَلَيْكَ أَحْسَنَ الْقَصَصِ

*Qur'aana sirratti buufnee, yookaa bus-u'uun,

بِمَا أَوْحَيْنَا إِلَيْكَ هَذَا الْقُرْآنَ

3} *Ati odoo qur'aana sirrattin buusin dura , waan nuti siif odeessinu kana, kan quban qabne tayuu turte.

وَإِنْ كُنْتَ مِنْ قَبْلِهِ لَمَنِ الْعَافِيْنَ ﴿٣﴾

*Oduu dur sanirraa, waan yuusuf abbaa isaa nabi yakgquubin je'e dubbadhu, wanni inni abbaa saatin je'e;

*Yaa abbaa kiyya ,

4} *Manaamanan urjii kudha tokkoffii aduu , ji'a, kan hundi isaanii naaf sujuudan , takkaa naaf gad je'an arge je'een, gaafas inni bara kudha lama.

*Jennaanin akki je'een; yaa ilma kiyya manaama, yookaa abjuu, kee kana obboleeyyan keetittin odeessin,

*Mala sitti dhawanii si ajjeessanii , waan

Rabbiin siif kenne jibbu'uu jecha maalif isaan akka urjiin isaan taate, akka jiini haadha tayee, aduun manaamatti abbaa taate, ni beekhanii ni hinaafanii, sheyxaanni waan hamtuu yaachisaa ittin odeessin,

5} *Sheyxaanni xilaata ilma namaa mul`at-

a'aa ,nama wal dichisiisaa, namni qananii Rabbii argate hundi xilaatan dhabuu ,waan agarten odeessin je'eenii, duuba manaama fassareefii, akki je'een.

*Yaa ilma kiyya akkuma ati manaamatti agarte sanii,

*Rabbiin obboleeyyan kee keessaa si maraxataa,

*Manaama hunda hiikhuu, yookaa fassaruu si barsiisaa,

*Ammallee qananii isaa siif guutaa, ergamaa isaa si godhee,

*Ammallee ilmaan akgquubifis qananii isaa ni guutaa,anbiya'aafii ergamoota isaanirraa godhu'uun,

*Akkuma tanaan dura Rabbiin akhaakhiyyoota kee, lamaan ibraahiimifii ishgaag, qananiisetti si qananiisaa, akka ergamoota isaa isaan godhetti ergamaa isaa si godhaa,

6} *Rabbiin kee kan nama qananii isaa haqa godhatu beekhu,kan waan dalagu hunda hiikma'aan dalagu je'eenii, manaama isaa fassareefii, yookaa hiikhefii gammachiise.

إِذْ قَالَ يُوسُفُ لِأَبِيهِ

يَأْتِ

إِنِّي رَأَيْتُ أَحَدَ عَشَرَ كَوْكَبًا وَالشَّمْسَ وَالْقَمَرَ

رَأَيْتُهُمْ لِي سَجْدِينَ ﴿٤﴾

قَالَ يَبْنَئِي لَأَنْقَضُ رَأْيَكَ عَلَى إِخْوَتِكَ

فَيَكِيدُ وَالكَ كِيدًا

إِنَّ الشَّيْطَانَ لِلْإِنْسَانِ عَدُوٌّ مُّبِينٌ ﴿٥﴾

وَكَذَلِكَ

يَجْنِبُكَ رَبُّكَ

وَيُعَلِّمُكَ مِنْ تَأْوِيلِ الْأَحَادِيثِ

وَيَسِّرُ نَعْمَتَهُ عَلَيْكَ

وَعَلَى آلِ يَعْقُوبَ

كَمَا أَنْهَى عَلَى أَبِيكَ مِنْ قَبْلِ إِبْرَاهِيمَ وَإِسْحَاقَ

إِنَّ رَبَّكَ عَلِيمٌ حَكِيمٌ ﴿٦﴾

7} *Qissaa yookaa waan nabi yuusufiifii obboleeyyan isaa jiddu'utti argame keessa, gorsaatu yookaa akheekha'aatu jira , gorsa wa-

﴿لَقَدْ كَانَ فِي يُوسُفَ وَإِخْوَتِهِ آيَاتٍ لِّلَّذِينَ يَلْمِزُونَ﴾

﴿٧﴾

an Qissaa yookaa waan nabi yuusufiifii obboleesaa Qissaa yookaa waan nabi yuusufiifii Qissaa yookaa waan nabi yuusufiifii obleyssaa yokaa issaa yookaa waan nabi yuusufii issaa yookaa waan nabi yuusufiifii obboleeyaa yookaa waan nabi yuusufiifii obboleeyyan isaa Qissaa yookaa waan nabi yuusufiifii obboleeyyan isaa jiddu'utti argame keessa, gorsaatu yookaa akheekha'aatu jira, gorsa waan Qissaa yookaa waan nabi yuusufiifii obboleeyyan isaa jiddu'utti argame keessa, gorsaatu yookaa akheekha'aatu jira, gorsa waannn, gorsa jabaa irraa fudhatu.

*Gaafa obboleeyyan yuusuf akka as deemu kana waliin je'anii, dalagan dubbadhu, wanni isaan waliin je'en,

﴿إِذْ قَالُوا﴾

*Yuusufiifii obboleessi isaa {banyaamiin} kan haati isaan lamaanii takkaa,

﴿يُوسُفَ وَأَخُوهُ﴾

*Nurra abbaa keenyatti jaboodhaa, isaan lamaan nurra jaalata,

﴿أَحَبُّ إِلَيْنَا مِنَّا﴾

*Odoon nuti nama hedduu taanee jirruu,

﴿وَنَحْنُ عُصْبَةٌ﴾

8} *Abbaan keenya, isaan lamaan nurra jaal-

﴿إِنَّا بَنَّا لِي فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ﴾

atuudhan karaa jallaa jallinni isaa mul'ata'arra jira, waliin je'an , nabi {yakkquub} ilmaan kudha lama kan dhiirati qaba , isaan keessaa yuusufiifii {banyaamiin} haadha takkarraa dhalatan, ammoo jarri kuun haadha birarraayi dhalatan, duuba hoggaa yuusuf isaa bara {12} jiru manaama argee, booddee nabiyyii Rabbii tayuun isaa beekkame, abbaan isaa nabi {yakkquub} waan inni ergamaa Rabbii tayu'uu deemuf jecha, isa guddisee, jaalatu mul'ise, hoggaa san ilmaan isaa, kanneen haadha taanii, hinaafanii yuusufiifii abbaa isaa addaan baasu'uu muratan, tanaaf jecha akki waliin je'en.

*Yuusufii akkatti abbaan keenya jaalatu kana, ajjeesaa,

﴿أَقْتُلُوا يُوسُفَ﴾

*Takkaa lafa fagoo geessa'aa achitti darbaa,

﴿أَوْ أَطْرَحُوهُ أَرْضًا﴾

*Abbaan keessan, hoggaa yuusuf if duraa dhabe, isinitti as gara galeeti, isin jaalataa, isinirraa gara biraan mil'atuu,

﴿يَجْعَلْ لَكُمْ وُجْهَ آيَاتِكُمْ﴾

9} *Duuba eega yuusuf ajje eftanii, yookaa darbitanii towbattaniiti, Rabbiin isinii araamee, haalli keessan tolee, warra gaarii taatanii, ajjeessaa, takkaa dhidhimsaa je'an.

﴿وَتَكُونُوا مِنْ بَعْدِهِ قَوْمًا صَالِحِينَ﴾

*Jennaan namni tokko isaanirraa, akki je'een yuusuf hin ajjeesina'aa, diliin ajjeecha'a hamtu'uu,

*Eela dukkanaayaa keessatti darbaa, eela tokko kan {saam} qote, kan afaan dhiph-atee , keessa bal'atu,

*Warri imaltuu karaa san yaa'u, hoggaa bi-shaanii jecha, eelatti goran eelaa baasanii fu-dhatanii biyyaa baasanii, eelatti darbaa hin ajjeesina'aa,

10} *Yoo kan yuusufiifii abbaa isaa addaan

baasu'uu deemtan , takkaa dalaydan taatan, isaan keessa namni mala darbu'uu baase kan {yahuuza} je'amu, odoo obboleessa isaa tayuu inni ilma habo'oo, yookaa indooye'eti yuusufiif je'ama, maalif nabi {yakgquub} haati yahuuz-a'aa jalaa duunani obboleettii isi'ii fuudhee yuusufiifii {banyaamiin} dhalateef.

*Obboleeyan nabi yuusuf hoggaa eelatti

isa darbu'urratti walii galan, ka'aniiti abbaa isaanitti dhaqanii akki je'aniin; yaa abbaa keenya, wanni ati yuusuf nuttin amanneef maali? takkaa yuusufirratti nun amanneef maali?

11} *Nutti waan gaarii isaaf yaanna, waan isaa toluun dhaabbannaa, nu birattin miidhamuu.

*Boru nu wajjiin ergi,

*Mirqaanneti taphannaa, dirree baanee gandarraa fagaannee, firii mukaa nyaannee, horii tiyfannee,

12} *Nutti isa ni tiysinaa, wanni hamtuun isan tuyxuu, nu wajji ergi je'aniin.

*Jennaan abbaan isaanii nabi {yakgquub} akki je'aan: isin isaan na biraa deemun, na naasisa, inni na biraa deemun natti jabaata,

*Yayyiin isa nyaatu'un sodaadhaa,

13} *Isinii taphatti qajeelee, isa dagate je'een , bitti isaanii biyya yeyyii heddommaattu.

*Jennaan wanni isaan je'an; wallaahii, yoo yayyiin isa nyaatte, nuu nama heddu'uu,

قَالَ قَائِلٌ مِنْهُمْ لَا نَقْتُلُوا يُوسُفَ

وَأَلْقَوْهُ فِي غِيَابِ الْجُبِّ

يَلْبِقُهُ بَعْضُ السَّيَّارَةِ

إِنْ كُنْتُمْ فَعِلَاءَ ۝ ١٠

قَالُوا يَا أَبَا نَائِمٍ لِمَا لَكَ لَاتَأْتِنَا عَلَى يُوسُفَ

وَإِنَّا لَهُ لَنَصِحُونَ ۝ ١١

أَرْسِلْهُ مَعَنَا غَدًا

يَزْعَجَ وَيَلْعَبْ

وَإِنَّا لَهُ لَحَافِظُونَ ۝ ١٢

قَالَ إِنِّي لَيَحْزُنُنِي أَنْ تَذْهَبُوا بِهِ

وَأَخَافُ أَنْ يَأْكُلَهُ الذِّئْبُ

وَأَنْتُمْ عَنْهُ غَافِلُونَ ۝ ١٣

قَالُوا لَيْنَ أَكَلَهُ الذِّئْبُ وَنَحْنُ عُصْبَةٌ

14} *Nuti warra darree humnan qabne, da-dhabaa taanaa, sun waan nuun maluu mitii, ni eeynaa hin sodaatinii, nu wajji ergi je'aniin, akkasitti isaanii wajji erge.

إِنَّا إِذَا الْخَسِرُونَ ﴿١٤﴾

*Duuba hoggaa yuusuf fuudhanii gandarraa fagaatanii, bosonaan dhaqan,
*Eela dukkanaayaa afaan dhiphatu , kan

فَلَمَّا ذَهَبُوا بِهِ

وَأَجْمَعُوا أَنْ يَجْعَلُوهُ فِي غِيَابَتِ الْجُبِّ

garaa bal'atutti darbina je'anii, walii galan, ka'aniiti eela sanitti darban eega huccuu isaa irraa baasani hidhanii tumanii, ajjeessu'uu jecha, hidhanii eela san keessatti gad rarraasanii, hoggaa wal'akkaa eelaa gayu, mata'aan dhagaa eela keessa jiru dhawee haa du'u je'anii haada gad lakisan, haa tayuu bishaan keessa bu'ee, eegasii dhagaa guddaa eela keessa jirurratti bayee, du'a jalaa bayee, dukkana keessa taa'e, duuba akka du'eefii kaan laalu'uu jecha yamnan, eela keessaa owwaate, naa nayaniiti na baasan seyee, haa tayuu dhagaa itti darbanii ajjeessu'uu kaanan isaan keessaa inni {yahuuzaa} je'amu tokko irraa dhoowee, hin ajjeefnee biraa deemanii, yuusuf dukkana eelaa keessatti hafe,

*Rabbiin akki je'e; eela san keessatti jibriil yuusufitti erginee, akki jenneen, isa booharsu'uu jecha,

وَأَوْحَيْنَا إِلَيْهِ

*Dalagaa isaan sitti dalagan tana isaanitti odeessu'uu teessa,

لَتُنَبِّئَنَّهُمْ بِأَمْرِهِمْ هَذَا

15} *Isaanii quban qabne, hoggaa san umriin isaa bara kudha torba .

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿١٥﴾

16} *Duuba obboleeyyan yuusuf eega eelatti isa darbanii, galgala isaanii bobbooyu abbaa isaanitti dhufanii .

وَجَاءَ وَآبَاهُمْ عِشَاءً يَبْكُونَ ﴿١٦﴾

*Akki je'aniin:

قَالُوا

*Yaa abbaa keenya, nuti ar'a bakka itti bobbaane sanitti, wal dogomu'utti seennee,

يَا أَبَانَا إِنَّا ذَهَبْنَا نَسْتَبِقُ

*Yuusuf meeshaa teenya biratti lakkifannee,

وَتَرَكْنَا يُوْسُفَ عِنْدَ مَتْلَعِنَا

*duuba yayyiin nyaattee,

فَأَكَلَهُ الذِّئْبُ

*Atimmoo waa nama nu dhugo'oomsuu mitii,

وَمَا أَنْتَ بِمُؤْمِنٍ لَّنَا

17} *Odoo dhuga'allee dubbannee, waan akkaan yuusuf jaalattuuf, ammallee waan dubbii yuusuf tana keessatti nu dareemtuf, haa tayuu akkanaatu argamee maal jenna je'a-

وَلَوْ كُنَّا صَادِقِينَ ﴿١٧﴾

niin.

*Qamisa isaa dhiiga kijibaa diddibaniiti dhufaniin, re'ee qalanii dhiiga isi'ii huccuu diddibanii, kun dhiiga yuusufii hunoo laali je'anii garsiisan,

وَجَاءَ وَعَلَىٰ قَمِيصِهِ يَدٌ مِّمَّكَذِبٍ

*Nabi yakgquub hoggaa ilma isaa yuusuf akka jiru malaaykaa itti ergee Rabbiin be-ysisu, akka isaan kijiban agarsiisu'uu jecha, akki isaanin je'e;

قَالَ

*Waanuma biraati nabseen teessan isinitti bareechitee, yuusuf kiyyatti dalaydan malee, dubbiin ,waa, waan isin jettanii mitii .

بَلْ سَوَّلَتْ لَكُمْ أَنفُسُكُمْ أَمْرًا

*An wanni narratti jiru obsa gaarii bareedaa obsu', obsi bareedan kan,balaa ifii namattin himanne,

فَصَبِرْ جَمِيلٌ

18} *Kan balaa isin dubbattan tanarratti, na gargaari je'ee khadhadhu, Rabbuma tokki-cha malee, nama biraatii mitii je'een.

وَاللَّهُ الْمُسْتَعَانُ عَلَىٰ مَا تَصِفُونَ ﴿١٨﴾

*Duuba hoggaa obbolleeyyan yuusuf eelatti

وَجَاءَتْ سَيَّارَةٌ

isa darbanii biraa deemanii, abbaa isaatin yuusuf yayyiin nu duraa nyaatte je'an, Rabbiin yuusuf du'arraa hambisu'uu jecha, warri safara, biyya {madyan} je'aniinirraa, biyya misratti yaa'u, dhufee eela yuusuf itti darbame sanitti dhiyaatee, qubatee,

*Duuba nama bishaan isaanirraa dhaqu, yookaa waraabu eela sanitti ergan,

فَأَرْسَلُوهُمُ

*Duuba namni sun okhollee haada itti hidhee eela sanitti darbe, bishaan guutee baafatu'uu jecha, haa tayuu yuusuf haada sanitti rarre'eeti, bakka bishaanii yuusuf baasee, hoggaa argu,

فَأَدْلَىٰ دَلْوَهُ

*Yaa gammachuu tiyya,

قَالَ يَبَشِّرِي

*Wannin argadhe kun,gurbaadha je'e, ammoo obbolleeyyan yuusuf hoggaa namichi eelaa baasu arganiiti itti dhufanii,

هَذَا عِلْمٌ

*Obbolleeyyan yuusuf waan yuusuf taye , akka obbolleessa isaanii taye, dhoysanii,

وَأَسْرُوهُ

*Waan bitamee gurguramu godhanii inni gabricha keenya kan nu duraa bade je'aniin,

بِضَعَةٍ

ammoo yuusuf na ajjeesanii soda'aaf hin dubbannee, ni cal'ise ,
19}*Rabbiin waan obbolleeyyan yuusuf dalagan san beekha'aa, kan waa takka irraa hin dhokhanne.

وَاللَّهُ عَلَيْهِمْ بِمَا يَعْمَلُونَ ﴿١٩﴾

*Obbolleeyyan yuusuf orma safaraa, yookaa imaltu'uu saniif, yuusuf gurguran,
 *Gatii ir'u'utti, yookaa maalqa xiqqa'atti

وَشَرُّهُ

بِشَمَنِ بَخْسٍ

دَرَاهِمَ مَعْدُودَةٍ

*Maalaqa daraahima je'amu , meeta lakko-oysi isaa xiqqaadhaa kan hanga dirhama {20} diiddamaa, yookaa diiddamii lamatti gurguran,

20}*Obbolleeyyan yuusuf, gurgura isaa

وَكَانُوا فِيهِ مِنَ الزَّاهِدِينَ ﴿٢٠﴾

keessatti warra warra maallaqarraa dantaan qabne tayaniiti, waanuma xiqq-o'otti, yookaa rakhiishatti gurguran, yoo gale abba'atti waan isa goone ode-ssa'aaf, duuba namichi bitate sun misra geessee, maalaqa ziqiyaa, kan diinaara je'amu, diiddamiifii, khophee lamaafii, hucuu, lamatti gurgurate,namni bite mootii misraa kan {qixfiir} je'amu.

*Mootichi misraa kan yuusuf bitate sun, jaartii isaa tan {zuleykhaa} je'amtuun,

وَقَالَ الَّذِي اشْتَرَاهُ مِنْ مِصْرَ لِامْرَأَتِهِ

*Gurbaa kana hanga nu bira taa'u jabeessii, kabaji je'een,

أَكْرَمِي مَتُونَهُ

*Gurbaan kun yoo guddatee dalagaa bare, nuu toluu khajeellaa,

عَسَىٰ أَنْ يَنْفَعَنَا

*Takkaa ilma godhannaa, waan mootichi sun nama waan dhalle tayeef,

أَوْ نَنْخِذَهُ، وَلَدًا

*Akka cinqii dubbanne jalaa baafnetti,

وَكَذَٰلِكَ

*Yuusufiif addunyaa tanarratti jiruu mijjey-sine, mootii misraa isa dhaalachiifnee biyya misraa hunda qabatee, mootii irratti taye,

مَكَّنَّا لِيُوسُفَ فِي الْأَرْضِ

*Wanni balaa jalaa isa baafnee akka mootii tayu isa goonef akka manaama hiikhu yookaa fassaruu isa barsiifnu'uuf,

وَلِنُعَلِّمَهُ، مِنْ تَأْوِيلِ الْأَحَادِيثِ

*Rabbiin waan fedhe hunda yookaa amrii

وَاللَّهُ عَلِيمٌ عَلِيمٌ

isaa hunda dandayaadhaa, wanni isa dadhabsiisu hin jirtu,takkaa dubbiin yuusuf hundi harka Rabbiiti jirtii, waan fedhe yuusufiif godhaa, wanni isa dhoo-wwaa hin jirtu,

21} *Haa tayuu akka wahayyuu harka Rabbii jirtu, irra hedduun namaa hin beekhu, isaan kuffaaraa.

*Duuba yuusuf hoggaa bakka jabeenya isaa gayu, sun amata yookaa bara soddoma yookaa siddomii lama gayu'uu,

*Hikmaa isaa kennine,

*Ammallee beekkomsa diinaadhaa isaaf kennine, takkaa nabiiyyii isa goonee, isa ergine jechu,

*Akka yuusuf badhaafnetti,

22} *Warra tole kan waan isaanii tolu dalage badhaafnee rakkoo keessaa baafnee bal'otti seensifna.

*Jaartin mooticha misraa tan {zulaykaa} je'antu, tan yuusuf, akka gabratti mana isi'ii keessa jiru, yuusuf jaalattee, akka itti ida'amu, takkaa isii wajji rafu isarra barbaaddee,

*Duuba huloota mana sanii hunda akkaan cuccuftee,

*huccuu ifirraa saayxee hunoo sii qophaayee koottu jetteen,

*Jennaanin, yuusuf waan ati itti na yaamtu kanarraa Rabbiinan maganfadhaa, waan barbaaddu, narraan argattuu deemi je'een,

*Jaarsi kee, mootichi, na bitate gooftaa kiyyaa,

*Kan warra isaatin wajji, na amanee, bakka

gaarii mana isaa keessa na galchee, duuba an nama akkatti naa toletti hammaadhee, ganee, jaartii isatti hin ida'amu, sanumaan wajji an nama zinaa, yookaa sharmuuxa dalaguu miti,

23} *Warri zinaa yookaa sharmuuxa dalagu, takkaa nama isa amane ganu hin milkaayu, waan hamtuu malee waan gaariin qunamu je'een.

*Dhugumaan jaartin mootichaa yuusuf ifitti ida'uu feete, yookaa yaadde,

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٢١﴾

وَلَمَّا بَلَغَ أَشُدَّهُ ۖ

ءَاتَيْنَاهُ حُكْمًا

وَعِلْمًا

وَكَذَلِكَ

بَجَرَى الْمُحْسِنِينَ ﴿٢٢﴾

وَرَوَدَتْهُ الَّتِي هُوَ فِي بَيْتِهَا عَن نَّفْسِهِ ۗ

وَعَلَّقَتِ الْأَبْوَابَ

وَقَالَتْ هَيْتَ لَكَ ۗ

قَالَ مَعَاذَ اللَّهِ

إِنَّهُ رَبِّي

أَحْسَنَ مَثْوَىٰ ۖ

إِنَّهُ لَا يَفْلِحُ الظَّالِمُونَ ﴿٢٣﴾

وَلَقَدْ هَمَّتْ بِهِ ۖ

*Yuusufis dhugumaan isii ifirraa dhowu'uu murate, hanga isii ajjeesuu yaadetti,
*Odoon Ragaa Rabbii isaa arguu baatee sun

وَهُمْ بِهَا

لَوْلَا أَنْ رَأَىٰ بُرْهَانَ رَبِّهِ ۚ

Rabbiin isii ajjeesu'uun male'etti waan isiin deemtuf jalaa, na baasaa yaadatu'uu, yookaa makgnaan kanaa, odoon qixaxa ajjeechaa isi'ii sodaatuu baatee silaa ni ajjeesa jechu', haa tayuu Rabbiin humna yuusufiin male'etti hamtuu isi'ii jalaa isa baase, yuusuf mukgjizaa isaa garsiisee, sanirra hulaan ifumaan banamu' hanga karaa duraa ceyuun argatetti,
*Akkasitti mukgjizaa teenya isa garsiifne ,humna isaatin male'etti hamtuu jalaa isa baasu'uun ,

كَذَلِكَ

*Jaartii gooftaa isaa, kan isaaf toletti ida'amee isa ganuu, yuusufirraa fageessu'uu jecha , ammallee dilii isii dhawu'uu isarra fageessu'uf,

لِنَصْرِفَ عَنْهُ السُّوءَ

*Ammallee zinaa isarraa fageessu'uu jecha, kun hundinuu waan isaan hin mallee,

وَالْفَحْشَاءَ ۚ

24} *Yuusuf gabroottan keenya kan waan hamtu'urraa qulqulleessinee, hamtuun irraan argamtu.

إِنَّهُ مِنْ عِبَادِنَا الْمُخْلَصِينَ ﴿٢٤﴾

*Duuba yuusuf hoggaa dhawiinsan ifirraa

وَأَسْتَبَقًا الْبَابَ

deebisuu dhabuu murate, ka'eeti balaa isii jalaa bayu'uu jecha, gara hula'aa dheeyse, Rabbiin duraa bannaan isiinis bayuu dhoowwu'uu jecha jala ceetee hula'arratti dhaqabde,

*Jaartin sun, yuusufii duraa dheeyso gama duubatiin qamisa isaa qabdee duraa dhoofte, yookaa baqaysite,

وَقَدَّتْ قَمِيصَهُ مِنْ دُبُرٍ

*Duuba jaarsa isi'ii mooticha ,hula'arratti argan ,yuusufii dheefa cayu, isii qabu'uu jala ceetu,

وَأَلْفَيْتَا سَيْدَهَا لِدَا الْبَابِ ۚ

*Hoggaa san jaartin mooti'ii sun, akka waan ifii yuusufirra, waan hamtuu san hin barbaadinii, akka waan yuusuf isi'itti ka'ee gootee, akki jaarsa isi'iitin jette;

قَالَتْ

*Jazaan yookaa qixaan'i, nama warra keetitti waan hamtuu dalaguu fedhee, hidhamu'uu malee,

مَا جَزَاءُ مَنْ أَرَادَ بِأَهْلِكَ سُوءًا إِلَّا أَنْ يُسْجَنَ

25} *Takkaa tumaa isa laalessitu isa tumu'uu malee, waan biraatii miti jette.

أَوْ عَذَابٍ أَلِيمٍ ﴿٢٥﴾

*Jennaan yuusuf mootichaan akki je'e ;
isi'iitu an itti ida'amuu narra barbaadee, an
dideetan dheysee je'een,

*Duuba yuusuf rakkoo jalaa baasu'uuf jecha
Rabbiin ilma adeera yookaa abbeera isi'ii
xiqqaa dubbatuun gayin dubbisee , ragaa ba-
yee, mootichaan akki je'e;

*Yoo qamiisni yuusuf gama duraatin
dhooye,

26} *Isiin dhugaa dubbatte inni warra kijib-
urraayi, maalif isaa itti deemu didda'aaf huc-
cuu irratti dhoofttee.

*Ammoo yoo qamisni isaa gama duubatiin
baqayfame,

27} *Isiin kijibdee isi'iitu barbadee, isaa

didee dheysu, duuban qabdee irratti dhoofttee, inni warra dhugaa dubbaturra-
ayii mee qamisa isaa laali je'ee, gurbaan xiqqaan nama isi'ii mooticha dubbise,
kan waytii joollen dubbatu hin gayin, mukgjiza'aa jecha Rabbiin isa dubbisee.

*Duuba mootichi hoggaa qamisa yuusuf
kan gama duubatin dhooye argee jaartin isaa
kijiba yuusufirra kaayuu beekhu,

*Wanni je'e; jaartii isaatiffii gabrittii isi'iitin
wanni isin yuusufitti dalaydan heelaa tee-
ssan, tan dhiiran argatu'uuf jecha dalaydan,

28} *Heelan teessan jabdu'uu, dhiirti jalaa
bayuu hin dandeessu, je'ee yuusufiin akki
je'a .

*Yaa yuusuf dubbii tana irraa gara gali hin
odeessinii, dhoysi, ammoo jaartii isaatin akki
je'e ;

*Dilii yookaa cubbuu teetif araara barbaa-
ddadhu,

29} *Ati warra cubbuu hojjaterra taatee,
zina'aaf hawu'uuffii, waan yuusuf hin dalagin
isaatu dalage jettee, kijiba irra kaayuu'uun.

*Wanni yuusufiifii jaartii mooticha mis raa
jiddu'utti argame, isiin gabricha isi'ii yuusuf
khajeelun, mandara yookaa ganda misraa

قَالَ هِيَ رَزَوْتَنِي عَنْ نَفْسِي

وَشَهِدَ شَاهِدٌ مِّنْ أَهْلِهَا

إِنْ كَانَتْ قَمِيصُهُ قُدِّمَ مِنْ قَبْلِ

فَصَدَقَتْ وَهُوَ مِنَ الْكَاذِبِينَ ﴿٣٦﴾

وَإِنْ كَانَتْ قَمِيصُهُ قُدِّمَ مِنْ دُبُرٍ

فَكَذَبَتْ وَهُوَ مِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٣٧﴾

فَلَمَّا رَأَوْا قَمِيصَهُ قُدِّمَ مِنْ دُبُرٍ

قَالَ إِنَّهُ مِنْ كَيْدِكُنَّ

إِنَّ كَيْدَكُنَّ عَظِيمٌ ﴿٣٨﴾

يُوسُفُ أَعْرَضَ عَنْ هَذَا

وَاسْتَغْفِرِي لِذَنبِكِ

إِنَّكَ كُنْتِ مِنَ الْخَاطِئِينَ ﴿٣٩﴾

❖ وَقَالَ نِسْوَةٌ فِي الْمَدْيَنَةِ

keessatti dhagayamaan, beerri shan isii hamatee akki je'e,

*Jaartin mootichaa gabricha isi'iiti khajeeltii itti ida'amuu isarra barbaaddii?

*Dhugumaan jaalalti isaa qalbii isi'ii seentee,

30 *Nutu isiin, isa khajeeluu kanaan, akka badii mul'attuu keessa buute, isii garraa je'anii hamatan.

*Jaartiin mootichaa hoggaa hamatiinsa beerri isii hamtu dhageessu,

*Beerra isii hamate shanan saniifii beera biraatis itti idaatee yaamtee,

*Isaanii qopheessitee,

*Nyaata able'een muratan, kan wahitti irkatanii nyaatan, isaanii qopheessite, nyaanni sun turunga'aa, duuba waan itti irkatan isaanii keessee, turungaa namuufuu adda addaan kennitee,

*Akkasuma hunda isaanitiif ablee adda

addaan kennite, akka irkatanii turungaa mumurataniin nyaataniif jecha, wanni akkas gootef akka yoo wanni isaan dhamaasu, kan qalbii isaanii fuudhu, dingatatti itti dhufte, ableen odoo quban qabaanne harka isaanii ciccirtu'uufi, duuba isaanii akkasitti jiru, jaartin mootichaa misraa yuusuf yaamtee,

*Dingata orma beeraa kanatti seeni, yookaa itti bayi haa si arganii jetteen,

*Duuba hoggaa yuusuf itti seenee, ijji isaanii irra buutu,

*Ija isaanii guutee, bareedominni isaa, kan wasanaa baye sun qalbii isaanii fuudhee, dhaama'anii waan keessa jiran wallaalanii,

*Ijaafii qalbi'iin isa laala'aa harka if cicciran,

qalbiin isaan fuudhamuu keessa, harka akkasitti if cicciranii ifirraa daddarban san, laalaa isaa ifirrattin agarre, bareedominni yuusuf akka jiini urjii keessaa mul'atutti mul'ataa tanaaf beerri sun argaa saatin dhaama'anii,

*Wanni je'an; Rabbiin isa uume, waan isaan hin mallerraa qulqullaayee, uumaa yuusuf numa tolchee,

أَمْرَاتُ الْعَرَبِ تَرُدُّ فَنَلَّهَا عَن نَّفْسِهِ ۖ

فَدَشَعَهَا حُبًّا

إِنَّا لَنَرُّنَهَا فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿٣٠﴾

فَلَمَّا سَمِعَتْ بِمَكْرِهِنَّ

أَرْسَلَتْ إِلَيْهِنَّ

وَأَعَدَّتْ لَهُنَّ

مُكًّا

وَأَنْتَ كُلِّ وَاحِدَةٍ مِّنْهُنَّ سَيِّئًا

وَقَالَتْ أَخْرِجْ عَلَيْنَّ

فَلَمَّا رَأَيْنَهُ

أَكْبَرْنَهُ

وَقَطَعْنَ أَيْدِيَهُنَّ

وَقُلْنَ حَسْرَةً لِلَّهِ

*Bareenni yuusuf kun, waa bareeda ilmoo namaa keessatti argamuu mitii,

31}*Inni kun malaaykuma Rabbiin bareechee ,uumee, waan hin malle hundarraa qullulleesse malee,waa namaa miti je'an

*Hoggaa jarri beeraa sun, sababaa yuusufiin akkas tayan, jaartin mootichaa akki isaanin jette;

*Yuusufiin sun kana,

*Kan akkamitti jaartin mooti'ii isa kajeelti ? takkaa jaalatti? jettanii na hamattan, yookaa na taajjabdan,

*Ammas jaartin mootichaa, wanni beera saniin jette; dhugaa yoo feetan yuusuf anumaatu jaalatee barbaadee,

*Haa tayuu ni didee,

*Waa takka beekhaa , Rabbiin khakhadhee: yoo waanan an itti isa ajaje, yookaa isarra barbaadu dalaguu, yookaa ehamuu dide,

*Ni hidhama,

32}*Warra xiqqaatterraayi taya, warra

darree akka hahattu'uu fa'aan wajji, mana hidha'aa keessa galu'uu jiraataa, gorsaa jetteen, jennaanin ormi beeraa sun, wanni yuusufiin je'e: waan gooftittiin tee siin jettu dhagayii, waan isiin feetu dalagi, bakka hidhamtee xiqqaattu je'aniin.

*Jennaani yuusuf Rabbitti iyyatee akki je'e; yaa Rabbi mana hidha'aa keessatti xiqqeenyan jiraatu'uutu waan beerri itti na yaamu, dalagee aakhira'atti xiqqaatu'rra naaf caala,

*Yaa Rabbi yoo heela dhala'aa tana narraa qabuu baatte, yookaa narraa deebisuu baatte

*Ifitti na jallisani, heelan beeraa jabduudhaa, waan fedhan na dalaysiisanii ,

33}*Duuba warra dilaayerraan tayaa, sun badii tiyyaa, dafii na dhaqabii je'ee Rabbitti iyyate.

مَا هَذَا بَشَرًا

إِنَّ هَذَا إِلَّا مَلَكٌ كَرِيمٌ ﴿٣١﴾

قَالَتْ

فَذَلِكُنَّ

الَّذِي لُتْمُنِي فِيهِ

وَلَقَدْ رَاودْنَاهُ عَنْ نَفْسِهِ

فَأَسْتَعَصَمَ

وَلَئِنْ لَمْ يَفْعَلْ مَا أُمِرَ بِهِ

لَيَسْجَنَنَّ

وَلَيَكُونَنَّ مِنَ الصَّغِيرِينَ ﴿٣٢﴾

قَالَ رَبِّ السِّجْنُ أَحَبُّ إِلَيَّ مِمَّا يَدْعُونَنِي إِلَيْهِ

وَأَلَّا تَصْرِفَ عَنِّي كَيْدَهُنَّ

أَصْبُ إِلَيْهِنَّ

وَإَكْنَ مِنَ الْبَهِلِينَ ﴿٣٣﴾

*Duuba Rabbiin yaaminsa yuusuf dhagay-
eefii, heelaa dhala'aa irraa qabee, akka hee-
lan dhala'aa isan jallifne baallama seenef,
34} *Rabbiin kan yaaminsa nama dirmachuu

فَأَسْتَجَابَ لَهُ رَبُّهُ فَصَرَفَ عَنْهُ كَيْدَهُنَّ

إِنَّهُ هُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿٣٤﴾

isarra babarbaadee dhagayu, kan waan inni yaadu beekhu, Rabbiin akka fedh-
etti hamtuu jalaa nama baasaa, yuusuf khalawaa mana hidha'aa godheefii see-
nsisee balaa jaartii mooti'iitifii, balaa beera misraa hunda jalaa baase, akkuma
yuusufuu barbaade, yaa Rabbi hidha'aatu irra naa caala.

35} *Duuba wanni Rabbiin fedhe hin oola-
mtuu, mootichaafii, warri isaan wajji jiru du-
bbii laalanii yuusuf haa hidhamuu hanga du-

ثُمَّ بَدَأَ لَهُمْ مِنْ بَعْدِ مَا رَأَوُا آيَاتِنَا لِيَسْجُدُوا

حَتَّىٰ حِينٍ ﴿٣٥﴾

bbin qabbanooytu je'anii muran, eeguma ragaa yuusuf qulqulluu tayuudhaa
arganii, gurbaan xiqqaan dubbii hin gayin ragaa bayee, jaartin mootichaatis
dhalaa hedduu duratti naatu barbaade malee, inni nan barbaanne jettee ragaa
ifitti baatee, duuba sanumaan wajji dubbii qabbaneessu'uuf, yuusuf hidhan,
ammoo gama yuusufiin hidhaan isaanii, dhalaa badi'itti isa yaamtu hunda
duraa, khalawaa seenuu taate,

*Nabi yuusuf gaafa haqaan male'etti hi-

وَدَخَلَ مَعَهُ السِّجْنَ فَتَيَانٍ

dhame, gabroota mootii misraa lamaatu isaan wajji hidhame, gabroota sanirraa
tokko kan mooticha obaasu, kuun kan mooticha nyaachisu, duuba gabroottan
san lamaan, mootichaaf nyaatafii dhugaatii isaa keessatti, summii godhanii ajj-
eessu'uu ka'an je'anii hidhan, gabroonni lamaan yuusufiin wajjiin mana hidh-
a'aa seene, hoggaa yuusufii manaama, warra hidhaa keessa jiruuf, fassaru
argan,

*Isaanirraa namni tokko kan gooftaa obaasu
akki je'ee;

قَالَ أَحَدُهُمَا

*An manaamattan anaa masnoo seenee,
inaba guuree, cunfu if arge je'een;

إِنِّي أَرَانِي أَعْرَبُ خَمْرًا

*Ammoo gabrichi kuun kan nyaata mooti-
chaa tolchu akki je'e;

وَقَالَ الْآخَرُ

*Manaamattan anaa gabataa, yookaa qirce-
eta, yookaa daarota sadii, kan bidenaa ma-
ta'arratti ba'atu,

إِنِّي أَرَانِي أَحْمِلُ فَوْقَ رَأْسِي خُبْرًا

*Kan allaattin, takkaa wanni bararu, bideena
sanirraa nyaattun if argee,

تَأْكُلُ الطَّيْرُ مِنْهُ

*Mee yaa yuusuf, hiikkaa manaama yookaa
abjuu nuti garre kanaa nuu himi, yookaa
nuu fassari,

نَيْتَابًا وَيَلْبِغُهُ

36} *Nuti akka ati nama tolchee manaama fassaru taate si garraa je'aniin.

إِنَّا نَزَرْنَاكَ مِنَ الْمُحْسِنِينَ ﴿٣٦﴾

*Jennaanin nabi yuusuf akka nama manaa-

قَالَ

ma fasaruu beekhu taye, isaan beysisu'uu jecha, akka ammallee karaa Rabbitti, yookaa amanu'utti isaan yaamuf jecha, odoo manaama isaan argan, isaanif hin fassarin akki je'een.

*An nama waa beekhu waanin beekhurraa: nyaanni mana hidha'aa kanatti isiniif hin dhufu nyaata odoo inni isiniif hin dhufne

لَا يَأْتِيكُمْ طَعَامٌ تُرْزَقَانِهِ إِلَّا نَبَأٌ كَمَا تَأْتِيهِمْ قَبْلَ أَنْ يَأْتِيَكُمْ ؕ

nyaata akkanaa kan akkanaatu isiniif dhufa je'ee, isinii hime, yoo taate malee, akkana jechuun isaa, manaama fassaru dhiisii waan ganaa dhufu yookaa dhufaa taa'u, kan akka waan boru nyaattanii faa, isinii himuu nan beekha jechuu isaati, duuba inni akkas jennaanin, akki je'aniin: waan dhufaa jiru himuun, waan warri raaga, yooka faala laalu himuu je'aniin, jennaanin nabi yuusuf akki je'een,

*Manaama fassaruun kiyya, ammallee waan

ذَلِكُمْ مِمَّا عَلَّمَنِي رَبِّي ؕ

dhufaa taa'u odeessun kiyya waan Rabbiin na beysise malee, waanan karaa Rabbii tokkichaa dhugo'oomsu'ootin argadhe malee, karaa dhagaa yookaa urjii laalu'uutiinii mitii je'een ,

*An diinaa ummata Rabbitti hin amannee hunda lakkise, yookaa hin qabanne,

إِنِّي تَرَكْتُ مِلَّةَ قَوْمٍ لَا يُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ

37} *Ummata aakhira'atti kafare, an karaa isaanii hin deemnee.

وَهُمْ بِالْآخِرَةِ هُمْ كَافِرُونَ ﴿٣٧﴾

*An karaa yookaa diinaa abbootii tiyyaatin deeme,

وَاتَّبَعْتُ مِلَّةَ آبَائِي

*Abbootin tiyya sun, nabi ibraahiim ,nabi ishgaag, nabi yakgquubi,

إِبْرَاهِيمَ وَإِسْحَاقَ وَيَعْقُوبَ ؕ

*Nutu Rabbitti waa qindeessun, yookaa Rabbiiif shariika godhuun waan nuun maluu miti, Rabbiitu dilii hundarraa nu tiysaa,

مَا كَانَتْ لَنَا أَنْ نُشْرِكَ بِاللَّهِ مِنْ شَيْءٍ ؕ

*Rabbii tokkichatti amanuun kiyya sun,

ذَلِكَ

*Waan Rabbiin nu badhaase,

مِنْ فَضْلِ اللَّهِ عَلَيْنَا

*Akkasuma waan Rabbiin nama biralle'een qananiise,

وَعَلَى النَّاسِ

38} *Haa tayuu irra hedduun namaa ,akka

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَشْكُرُونَ ﴿٣٨﴾

Rabbii tokkichatti amanuun qananii takkaa kheyrii taate, hin baakhanii, amananii galata isaaf hin galchani, inumaa itti kafaran takkaa isa dhiisaniiti waan biraatin Rabbi je'anii guddisan. duuba nabi yuusuf jara lamaan saniif darajaa isaa addeessee, akka nabiiyii ilma nabiiyi'ii taye mul'isee, akki je'een.

*Yaa jaallowwan mana hidha'aa si waan Rabbi jettanii gabbartan hedduu adda addaatitu caala moo,

39} *Rabbii tokkicha, waa hunda mooyu, kan waa hunda uumetu irra caala ?

*Rabbii achitti waan biraa hin ibaaddan,

*Yoo waan isiniifii abbootin teessan tolchitani, maqaa baaftaniifii, Rabbi jettanii ibaaddan taate malee, wanni Rabbii achitti gabbartan waan dhuga'aatii mitii kijiba,

*Waan isin gabbartan san, Rabbiin isii gabbaraa je'ee, ragaa hin buufne, isinumaatu firdii san godhe malee,

*Firdiin, yookaa murtiin tan Rabbii tokkichaati malee, tan nama biraatii mitii,

*Rabbiin isa malee waan biraa gabbaruu dhabuudhatti ajajee, duuba isuma ibaadaa malee, waan biraatin Rabbi hin je'inaa,

*Rabbii tokkicha waa hunda uume ibaadu-uutu, diinaa qajeela'aa, ammoo mukaana Rabbi je'uun, takkaa namaan, yookaa jinni'in, Rabbi je'uun diinaa, yookaa karaa jalla'aa,

40} *Haa tayuu irra hedduun namaa, isaan

kuffaaraa, waan booda tayuu jiraatan, azaaba isaan mudatu'uu taa'an, hin beekhanii, Rabbii isaan uume dhiisaniiti waan biraatin Rabbi je'anii, isin akkas dhiisaa je'ee, nabi yuusuf jara lamaan hidha'aa kan manaama argeefii, warra mana hidha'aa jiru hunda gorsee, jara lamaan manaama argeen akki je'e.

*Yaa jaallowwan mana hidha'aa, hiikkan manaama keessanii hunoo akkana,

*Tokkoon keessan, inni kan isaa inaba cunfu if argee, guyyaa sadii booda hidha'aa bayeeti akkuma duritti, gooftaa isaa farshoo yookaa inaba cunfame obaasa,

*Ammoo kuun, kan isaa bideena mata'a-

يَصْحَبِي السِّجْنِ ۚ أَرْبَابٌ مُّتَفَرِّقُونَ خَيْرٌ

أَمْرَ اللَّهِ الْوَحِيدَ الْفَهَّارُ ﴿٣٩﴾

مَا تَعْبُدُونَ مِن دُونِي ۚ

إِلَّا أَسْمَاءَ سَمَّيْتُمُوهَا أَتُورَاءَ آبَاءِكُمْ

مَا أَنْزَلَ اللَّهُ بِهَا مِن سُلْطَانٍ ۚ

إِن الْحُكْمُ إِلَّا لِلَّهِ ۚ

أَمْرًا أَلَّا تَعْبُدُوا إِلَّا إِيَّاهُ ۚ

ذَٰلِكَ الدِّينُ الْقَيِّمُ ۚ

وَلَكِن أَكْثَرُ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٤٠﴾

يَصْحَبِي السِّجْنِ

أَمَّا أَحَدُكُمْ فَيَسْتَفِي رَبَّهُ ۖ خَمْرًا ۚ

وَأَمَّا الْآخَرُ فَيُصَلِّبُ فَتَأْكُلُ الطَّيْرُ مِنْ

rratti ba'atu, kan shinbirroon yookaa allaattin irraa nyaatu if arge, inninis eega guyyaa sadiyiitii, hidha'aa bayeeti, ajjeefamee, rarraafamee, ballaattin mataa isaa nyaattii je'een, duuba hoggaa fassaarii manaama isaanii dhagayan, rifataniiti lakkii nuti waa takka manaaman agarree, akka manaama fassaruu yookaa hiikkuu beytu, si laalu'uuf akkas jenne malee, je'aniin, jennaanin nabi yuusuf akki je'een;

41} *Dhugaa dubbattanuu, kijiba dubbatta-

قُضِيَ الْأَمْرُ الَّذِي فِيهِ تَسْتَفْتِيَانِ ﴿٤١﴾

nuu, wanni isin na gaafattan akkan isinii himetti muramtee dabarte, je'een duuba akkuma nabi yuusuf je'etti tokko nagayaan bayee, kuun ajjeefamee rarraafamee, nabi yuusuf odoo manaama hin fassar, darajaa ifii, beekkomsa ifii, mul'isee, waan isaanif tolu itti aansee, towhgiida Rabbii isaan barsiisee, eegasii manaama isaanii isaanif fassare, tanaaf jecha biyya darajaa tee hin beynef, yookaa nama akka ati waa beytu hin beynef, akka waa beeytu isaanif ibsuun ni barbaachisa.

Nabi yuusuf jara lamaan manaama argeef manaama isaanii fassaree, tokkoon akki je'e ; inni kan mootii nyaachisuu guyyaa sadii booda hidha'aa baateti ajjeefamtee, rarraafamtee, allaatin si nyaatti, ammoo kaanin akki je'e ; atis guyyaa sadii booda hidha'aa baateti, akkuma duritti gooftaa keetii dhugaatii tolichita je'een, duuba dubbiin akkuma nabi yuusuf je'e taate.

*Nabi yuusuf isa jara lamaanirraa najaa, yookaa nagaya bayuu if beekhen akki je'e; inni kan mooticha waa obaasuu, {zganna} jechuun; beekhe jechu'uu,

وَقَالَ لِلَّذِي ظَنَّ أَنَّهُ نَاجٍ مِّنْهُمَا

*Hoggaa baatee gooftaa kee obaadu`utti de-

أَذْكُرُنِي عِنْدَ رَبِّكَ

ebite, nama akkanaatu kan yuusuf je'amu, rorro'oon hidhame ji'ii, isa biratti na dubbadhu je'een, duuba gabrichi sun bayeeti gooftaa isaa obaasu'utti deebi'e. {rabbika} jechuun: gooftaa jechu,

*Haa tayuu sheyxaanni nabi yuusuf gooftaa isaa biratti dubbatuu irraanfachiisee,

فَأَنسَأَهُ الشَّيْطَانُ ذِكْرَ رَبِّهِ

*Akkasitti nabi yuusuf eega gabrichi sun bayee, mana hidha'aa taa'e,

فَلَيْثَ فِي السَّجْنِ

42} *Hanga amata torbaa yookaa kudha lamaa.

يَضَعُ سِنِينَ ﴿٤٢﴾

*Mootin misraa kan {rayyaan binulwaliid} je'mu akki je'e,

وَقَالَ الْمَلِكُ

*An manaamattin horii torba gaggabbataa arge,

إِنِّي أَرَى سَبْعَ بَقَرَاتٍ سِمَانٍ

*Kan hihi manaamattin horii torba gagghi manaamattin horii torba gaggabbataa arge

يَأْكُلُهُنَّ سَبْعٌ عِجَافٌ

*An manaamattin horii torba gagabbataa
Himanaamattin horii torba gaggabbataa arge

وَسَجَّ سُبُلَكَ خُضْرٍ

*An manaamattin horii torahhi manaataa
midhaanii torba goggogaa, mataa torban jii-
dhaa san nyaatun argee,

وَأُخْرَى يَأْتِي

*Yaa jarana mee fassaarii yookaa hiikkaa
manaama kiyyaa kana naa oddeessaa, tak-
kaa naa himaa,

يَأْتِيهَا أَمَلًا أَفْتُونِي فِي رُءْيَايَ

43} *Yoo kan manaama fassaru beytan ta-
atan je'een.

إِنْ كُنْتُمْ لِلرُّءْيَا تَعْبُرُونَ ﴿٤٣﴾

*Jennaan kun manaama wal keessa ses-
seenee,

قَالُوا أَضَعَفْتُ أَحْلَمٍ

44} *Nuti birzaaza akkanaa hiikhuu hin be-

وَمَا تَحْنُ بِتَأْوِيلِ الْأَحْلَمِ بِعَالِمِينَ ﴿٤٤﴾

ynu je'aniin, horii torba gagabbataa horiin torba huhuqqataan nyaatu, midhaan
mataa torba kan asheetaa kan qolofa keessa jiru kan mataan torba goggogaan
nyaatu hiikhuu hin dandeenyu je'aniin

*Inni gabroota hidhame, lamaanirraa na-
gaya baye,

وَقَالَ الَّذِي نَجَا مَعَهُمَا

*Kan eega waan yuusuf itti dhaammate,
irraanfatee, bara torba, yookaa kudha lama
taa'ee yaadatee akki je'een,

وَأَذَكَرَ بَعْدَ أُمَّةٍ

45} *Anaatu hiikkaa manaama kanaa isinii
fidaa nama nama manaama fassaru, yookaa
hiikhu, kan mana hidha'aa jirun beekhaa,
isatti na ergaa je'een, duuba itti erganii dha-
qee, akki je'een.

أَنَا أَنْبِئُكُمْ بِتَأْوِيلِهِ فَأَرْسِلُونِ ﴿٤٥﴾

*Yaa yuusuf, yaa kan akkaan dhugaa dub-
batu, kan fassaariin yookaa hiikkan inni ma-
naama hiikhu takkaa fassaru dhuga'aa,

يُوسُفُ أَيُّهَا الصِّدِّيقُ

*Mee manaama kana nuu fassari, manaa-
mni sun; horii torba gaggabbataa,

أَفْتِنَا فِي سَجِّ بَقَرَاتِ سِمَانٍ

*Kan horiin torba huhuqqataan nyaatu,

يَأْكُلُهُنَّ سَبْعٌ عِجَافٌ

*Ammas mataa midhaanii torba, kan ashee-
taa takkaayuu magariisaa,

وَسَجَّ سُبُلَكَ خُضْرٍ

*Mataa torba kan biraa goggogaa, kan ma-
taa jiidhaa torban san nyaatu, mootichi ar-
gee, mee manaama kana fassari, yookaa
hiikhi?

وَأُخْرَى يَأْتِي

*Akkan fassaarii isaatin warra na ergetti deebi'u,

46} *Akka fassaarii, yookaa hiikkaa manaama kanaa beekhan.

*Duuba fassareefii, yookaa hiikhefii, akki je'een, horiin torban gagabataan amata torba kan wal faana qottanii quuftaniitu dhufaa,

*Duuba waan haammattan hunda,

*Qolofa isaa keessatti dhiisaa akka hin banne hin tuminaa,

47} *Yoo hanga nyaattan taate malee.

*Eega amata quufaa torban saniitii, amata beelaa torba jaba'aatu dhufa,

*Kan waan duraan ol kaayattan nyaattee fixxu, kan waa takka isin harkattin hafne,

48} *Yoo waan xiqqoo ol kaayattan taate malee

*Ammoo eega bara torban abaar saniitii, amata quufaa kan Rabbiin namaa dirmatee rakko'oo bayantu dhufa,

49} *Kan amata quufaa san keessa inaba

yookaa waan biraa hunda cunfa nii dhugan, waan hoggaa beelaa qolofaan wajji nyaatan, qolofa malee nyaatan, quufa keessa, duuba hoggaa nabi yuusuf akkatti manaama hiikhef yookaa fassareef ka'eti ergamtichi sun fassaarii, takkaa hiikkaa yuusuf mootichatti geesse.

*Duuba hoggaa san mootichi nama manaama fassare, takkaa hiikhe san naa fidaa je'een,

*Duuba hoggaa namichi yuusufitti ergame mana hidha'aatii baasu'uu jecha dhufee, motichaatu si yaamaa ka'ii je'een,

*Jennaanin akki je'een, odo'on hidha'aan bane dura mee gooftaa keetitti deebi'ii,

*Haala beerran isi'ii jecha hidhamee, tan naa jecha harka if ciccirtee san , gaafadhuu natu barbaademoo isi'iitu na barbaade?

لَعَلِّي أَرْجِعُ إِلَى النَّاسِ

لَعَلَّهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿٤٦﴾

قَالَ تَزْرَعُونَ سَبْعَ سِنِينَ دَأْبًا

فَمَا حَصَدْتُمْ

فَذَرُوهُ فِي سُنْبُلِهِ

إِلَّا قَلِيلًا مِمَّا نَأْكُلُونَ ﴿٤٧﴾

ثُمَّ يَأْتِي مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ سَبْعٌ شِدَادٌ

يَأْكُلْنَ مَا قَدَّمْتُمْ لَهُنَّ

إِلَّا قَلِيلًا مِمَّا تَحْصِتُونَ ﴿٤٨﴾

ثُمَّ يَأْتِي مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ عَامٌ فِيهِ يُغَاثُ النَّاسُ

وَفِيهِ يَعْصِرُونَ ﴿٤٩﴾

وَقَالَ الْمَلِكُ أَتُونِي بِهِ

فَلَمَّا جَاءَهُ الرَّسُولُ

قَالَ أَرْجِعْ إِلَى رَبِّكَ

فَسَأَلَهُ مَا بَالَ النِّسْوَةِ الَّتِي قَطَعْنَ أَيْدِيَهُنَّ

50} *Rabbiin kiyya heelaa isaanii ni beekhaa ,duuba mootichatti deebi'ee gaafannaan, mootichi beera san hunda walitti qabee.

إِنَّ رَبِّي بِكَيْدِهِمْ عَلِيمٌ ﴿٥٠﴾

*Mee dubbii teessanirraa takkaayuu haala keessanirraa odeessaa,

قَالَ مَا خَطْبُكُمْ

*Gaafa yuusuf jaalattanii khajeeltan, yuusuf , isin barbaaduu wahi irraa agartanii, takkaayuu waan isin irra barbaaddan jaalatuun, wahi irraa mul'attee? je'ee gaafate,

إِذْ رَأَوْهُمْ يُوسُفَ عَنْ نَفْسِهِ ۚ

*Jennaanin beerri akki je'e; Rabbiitu qulqulleessee, waa takka waan hamtuu isarraan agarre je'an,

فَلَمَّا حَدَّثَ لِلَّهِ مَا عَلِمْنَا عَلَيْهِ مِنْ سُوءِ

*Jaartin mooticha misraa tan duraan yuusufu na khajeete jettee hiisifte, akki jette

قَالَتِ امْرَأَتُ الْعَزِيزِ

*Amma haqni ifa bayee,

الَّتِي نَحَصَّ الْحَقُّ

*Anaatu yuusuf jaalatee khajeete, natti ida' amuu isarra barbaade jette,

أَنَا رَأَوْتُهُ عَنْ نَفْسِهِ ۚ

51} *Yuusuf warra dhugaa dubbaturraayi , an isiin barbarbaane, isiin na barbaannanan dide jechuun isaa dhugaadha jette, duuba nabi yuusufitti dhaqanii, waan beerri je'e odeessinaan akki je'e .

وَإِنَّهُ لَمِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٥١﴾

*Odo'on hidha'aan bayin, akkan an waan beerri sun je'urraa, qulqulluu taye mul'isuu barbaadun kiyya,

ذَلِكَ

*Akka mooticha beekhu'uuf

لِيَعْلَمَ

*Akkan an isa duubatti isa isa ganee, warra isaa, yookaa jaartii isaa tuquu hin barbaadin hubatu'uufi,

أَنِّي لَمْ أَخُنْهُ بِالْغَيْبِ

52} *Akka ammallee Rabbiin mala warra nama ganuu hin qajeelchine, akka dubbii beera sanii harkatti balleesse beekhu'uuf

وَأَنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي كَيْدَ الْخَائِنِينَ ﴿٥٢﴾

*Nabi yuusuf akki je'e; an nafseen tiyya qulqulleysuu hin dandayu, waan hamtuu hundarraa isiin qulqullu'u jechuu hin dandayu if hin faarsu,

وَمَا أُبْرِي نَفْسِي ۚ

*Nabseen waan hamtu'utti nama ajajjii takkaayuu ammartii

إِنَّ النَّفْسَ لَأَمَّارَةٌ بِالسُّوءِ

*Yoo nabseen Rabbii kiyya rahgmata godheefii waan hamtu'urraa tiyise taate malee

إِلَّا مَا رَجَمَرْتِي

53} *Rabbiin kiyya kan namaa araaramu, kan rahgmata namaa godhu je'e.

إِنَّ رَبِّيَ غَفُورٌ رَحِيمٌ

*Mooti misraa,nabi yuusuf nama guutuu waa beekhu qulqulluu tayuu agarraan, akki je'e; yuusuf naa fidaa, mana hidha'aatii baasa'aa,

وَقَالَ الْمَلِكُ أَتُؤْتِنِي بِهِ؟

*Lubbuu tiyyaafin isa maraxadhaa , akka

أَسْتَخْلِصُهَا لِنَفْسِي

anuma qofaaf qulqullaayun godhaa, je'e duuba argaan mootichaa nabi yuusufitti dhayxee, mootichi si yaamaa ka'i je'aniinii, akkasitti nabi yuusuf mana hidha'aatii bayee,eega dhiqatee uffatee, warra hidha'aatii Rabbii khadhatee,itti dhaammatee, mootichatti dhufe,

*Duuba hoggaa mootichatti dhaqee dubbisu,

فَلَمَّا كَلَّمَهُ

*Mootichi akki isaan je'e;

قَالَ

*Ati yaa yuusuf ar'a, nu biratti,

إِنَّكَ الْيَوْمَ لَدَيْنَا

*Darajaa,yookaa ulfina guddaa qabda,

مَكِينٌ

54} *Ammallee amanama'aa mee maali wa-

أَمِينٌ

nni ati naan naan jettu je'een? jennaanin nabi yuusuf akki je'een; bara quufan torba as deemu kana, midhaan heddommeysii qotii,waan argatte qolofaan wajji, olkaayi akka hin banne ,maalif amata torba duuba,abaar yookaa oolan dheeran dhufaa, jennaan mootichi nabi yuusufin akki je'e ;nama dalagaan taanaan naa dhaabbatu eessan argadha, eenyu laata.

*Jennaanin nabi yuusuf akki je'een;

قَالَ

*Biyya misra hundarratti na shuumi,

أَجْعَلْنِي عَلَى خَزَائِنِ الْأَرْضِ

55} *An nama waa tiysuu takkaayuu tol-

إِنِّي حَفِيظٌ عَلِيمٌ

eeguu , kan,dalagaa tolchee beekhuu, kan beekkomsa waa katabu'utifii waa lakkaayu'uu beekhuu.je'een, jennaanin mootichi mootummaa biyya misraa hunda yuusufirraa kaayee,duuba eegasii mootichi du'ee ,yuusuf jaartii isaa dhaalee, ilmaan lama irraa argatee, biyya misraa haqaan bulche.

*Tanaaf jecha Rabbiin akki je'e; akkuma qananiifnee, mana hidha'aatii baafnetti,

وَكَذَلِكَ

*Biyya misraa keessatti yuusufiif mijjeessine,

مَكَانًا لِيُؤْسَفَ فِي الْأَرْضِ

*Kan isi'irraa bakka fedhe qubatu, eega rak-koo mana hidha'aatifii, ta birale'een cinqamee turee,

يَتَّبِعُونَ مِنْهَا حَيْثُ يَشَاءُ

*Rahmata keenyan, nama feenne tuyn'ee, qananiifna,

فَصِيبُ بَرَحْمَتِنَا مِنْ نَشَاءِ

56} *Addunyaa tanarratti galata nama dalagaa tolchee, hin balleessinuu, ni kenninaaf, mu'minna tayuu, kaafira tayuu.

وَلَا نُضِيعُ أَجْرَ الْمُحْسِنِينَ ﴿٥٦﴾

57} *Haa tayuu aakhira'aatu warra Rabbitti amanee, sodaa isaatif waan gaarii dalagee waan hamtuu hundarraa fagaatuf, irra caala.

وَلَا أُجْرُ الْأَخْرَجَةِ خَيْرٌ لِلَّذِينَ ءَامَنُوا وَكَانُوا يَنْقُونَ

﴿٥٧﴾

*Eega nabi yuusuf biyya misraa hunderatti

وَجَاءَ إِخْوَةَ يُوسُفَ

mootomeeyi, abaar biyya shaam ta abbootii isatti bu'ee, obboleeyyan isaa midhaan shammadataaf, biyya misraa yuusufitti dhufan, hundi isaanii, obboleessa yuusuf kan isaan haadha takka kan {binyaamiin} je'amu malee,

*Duuba obboleeyyan yuusuf, yuusufitti seenan, waan isaan fide itti himatu'uu jecha,

فَدَخَلُوا عَلَيْهِ

*Hoggaa seenan, nabi yuusuf akka isaan obboleeyyan isaa tayan beekhe,

فَعَرَفَهُمْ

58} *Kan isaan isa hin beekhin, waan way-

وَهُمْ لَهُ مُنْكَرُونَ ﴿٥٨﴾

tiin dheertun eega adda bayanii dabarteef jecha, kan amata afurtama geessu, ammallee waan isaan yuusuf du'ee yaadaniif jecha, duuba hoggaa wajji haasaan , afaan isaanitiin isadubbisan, dubbifnaan nabi yuusuf akka waan isaan hin beynee, ammallee akka waan dhufa isaanii kanarraa hammaatee if godhee, akki je'een; maaltu isin fide? biyya tiyya balleessu'uuf dhuftanii? sallaayii yookaa lukkee yookaa basaasa taatanii? eega biyya tiyya keessa bartanii? jennaanin nuti waa warra sanii yaa'uu mitii je'aniin, jennaanin eessaa dhuftan je'een, jennaanin biyya kankgaani, abbaan keenya yakgquub nabiyyii Rabbiiti je'aniin, jennaanin inni isin malee ilmaan biraa qabaa? je'een, jennaanin eeyyee, ilmaan kudha lama qabaatuu turee, haa tayuu kan ilmaan isarraa irra xiqqaadhaa, kan abbaa keenya biratti akkaan jaalatamu , bosona dhaqeechi achitti dhabamee , abbaan keenya isa dhabnaan obboleessa keenya kan isaan haadha takkaa, haa na booharsu'uuf if biratti qabee , nu jalaa hanbisee je'aniin, duuba nabi yuusuf ash-

kara isaatin orma kana guddisa'aa qubsiisaa je'ee ajaja baasee, akkasitti ulf-
inaan qubatan.

*Duuba nabi yuusuf hoggaa waan dhufaniif
isaanii guutee, isaan qajeelchu'uu ka'u,

*Akki isaan je'e obboleessa keessan kan ab-
baan keessan tokkoo,kan haati teessan ad-
daa, kan abbaa keessan biratti hafe san,tola
naa oola'aa anuu tola isinii oolee gurbaa
saniin arguu fedha naa fidaa,

*Hin agartanii an midhaan guutetan isinii
saffaraa? kanin waan isin feetanirraa waa
takka hin ir'ifne

59} *An irra caalaa nama nama keessumm-

eessutii akka isinuu agartan,tanaaf jecha waa takkan sodaatina'aa , waan arg-
attan kanaan galadha'aa ammas deebi'aadhaa ,obboleessa keessaniin wajji
shammadadhaa.

*Ammoo yoo obboleessa keessan san , naa
fiduu baattanii kophaa deebitan,

*Shammanni na bira isiniif hin jiruu beekaa,

60} *Inuma natti hin dhiyaattanii beek-
kadhaa je'een.

*Jennaanin akki je'aniin; jabaanneti ,abbaa
isarra barbaannee sii finnaa tolee hayyaa,

61} *Nuti waan ati nuun jette kana, ni dal-
aynaa.

*Nabi yuusuf ashkara isaatin wanni je'e;

*Maallaqa isaan midhaanin bitu'uu fidan
meeshaan isaanii keessa dhuysa'aa kaaya

*Akka hoggaa biyya isaananitti deebi'anii,
meeshaa isaanii hiikan,waan isaanii deeb-
ifne arganii, tola nuti isaanii oolle beekan ,

62} *Akka sababaa saniin nutti deebi'an , wa-
an maallaallaqa nuti deebifneef san, ni irraa-
nfatanii, haqan godhannuu, yookaa halaalii
mitii yaadaniif jecha.

وَلَمَّا جَهَّزَهُمْ بِجَهَّازِهِمْ

قَالَ ائْتُونِي بِأَخٍ لَكُمْ مِّنْ أَبِيكُمْ

أَلَا تَرَوْنَ أَنِي أُوفِي الْكَفِيلَ

وَأَنَا خَيْرُ الْمُرْسَلِينَ ﴿٥٩﴾

فَإِن لَّمْ تَأْتُونِي بِهِ

فَلَآ كَيْلَ لَكُمْ عِنْدِي

وَلَا تَقْرَبُونَ ﴿٦٠﴾

قَالُوا سُرُودٌ عَنْهُ أَبَاهُ

وَأِنَّا لَفَاعِلُونَ ﴿٦١﴾

وَقَالَ لِفَتْنِهِ

اجْعَلُوا بَعْضُهُمْ فِي رِحَالِهِمْ

لَعَلَّهُمْ يَعْرِفُونَهَا إِذَا انْقَلَبُوا إِلَىٰ أَهْلِهِمْ

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٦٢﴾

*Duuba hoggaa abbaa isaanitti deebi'an odoo hin hiikkatin,

*Akki je'an yaa abbaa keenya yoo obboleessa keenya {binyaamiin} biyya misratti nu wajji arguu baatte,amma eegu shammanni misrarraa nurraa dhoowwamee ,misrarraa midhaan bitatuu hin dandeenyuu,

*Tanaaf jecha obboleessa keenya,nu wajjiin ergi, misratti deebinee,waan nyaataa shamadannaa ,yookaa saffarannaa,

63}*Nuti akkaan isa tiysinaa, hin mii-dhamuu.

*Jennaanin isa tiysu'urratti isin nan amanaa?

*Yoo amantii akka tanaan dura , obboleessa isaa yuusufirratti isin amanee taate malee, sanuu akka gootan ni beytanii akkamittan isin amana? isin hin amanu jechuu isaati,

64}*Kan gara waa tiysu'utti irra caalu Ra-

bbumaa isumaatu rahgmata namaa godhee nama tiysaa, isumaatu ilma kiyya naa tiysa, inni kan rahgmata namaa godhurraa akkaa rahgmata namaa godhaa je'een,jennaanin waan je'an dhabanii shammada galataniin hiikhu'utti seenan.

*Duuba hoggaa meeshaa isaanii hiikhan maallaqa midhaanin bitu'uu jecha, manaa bayaniin,kan waa takka irraa hin ir'atin isaanii deeffamuu arganii,

*Akki je'an yaa abbaa keenya ,maal barbanna mee kan kanarraa caalu, eega mootichi misraa sun, tola nuu oolee, maallaqa nuu deebisee, midhaan nuu kenne?

*Kunoo maallayn'i nuti midhaanin bitu'uu baanen nuu deeffamee,midhaan nuu kennamee?

فَلَمَّا رَجَعُوا إِلَىٰ آبَائِهِمْ

قَالُوا يَا أَبَانَا مُنِعَ مِنَّا الْكَيْدُ

فَأَرْسِلْ مَعَنَا آخَانًا نَكْتُلْ

وَإِنَّا لَهُ لَحَافِظُونَ ﴿٦٣﴾

قَالَ هَلْ ءَامَنُكُمْ عَلَيْهِ

إِلَّا كَمَا ءَامَنُتُمْ عَلَىٰ أَخِيهِ مِن قَبْلُ

فَاللَّهُ خَيْرٌ حَافِظًا وَهُوَ أَرْحَمُ الرَّاحِمِينَ ﴿٦٤﴾

وَلَمَّا فَتَحُوا مَتْعَهُمْ وَجَدُوا يَضَعَهُمْ

رَدَّتْ إِلَيْهِمْ

قَالُوا يَا أَبَانَا مَا نَبْغِي

هَذِهِ يَضَعُونَنَا رَدَّتْ إِلَيْنَا

*Ammas lammada deemnee warra keen yaf midhaan shammadannaa, midhaan achi malee hin jiruu, yoo obboleessa ke-essan fiddan malee hin argattan nuun je'anii, nu wajji ergi,

*Obboleessa keenya ni eeynaa, ni tiisinaa,

*Ammallee midhaan waan gaala tokkooti ida'annaa, mootichi namuufuu midhaan gaala tokko kennaa,

65} *Namuufuu gaala tokko tokko kennuun ,waan mooticha san dhibuu mitii , waan arjaa tayeef jechaa, obboleessa keenya nu wajji ergi je'aniin.

*Jennaanin abbaan isaanii akki je'een isiniin wajji hin ergu,

*Hanga baallama ,yookaa ahdi Rabbii, naa fiddanitti,

*Wallaahi gurbaa kee, siif deebifna jettanii ,Rabbiin naaf khakhattanii,

*Yoo naa fiduu dhabu'utti dirqamtan malee ,achitti dhumtanii, takkaa humna itti dhabdan malee,akka naaf fiddan naa kakadhaa je'een, jennaanin tole je'anii Rabbiin khakhataniif,

*Duuba hoggaa Rabbiin khakhataniif,

66} *Waan nuufii isin irratti wal taanerratti, Rabbiiitu ragaadha je'ee,nabi {yakgquub} ilma isaa {banyaamiin} isaanin wajji ergee.

*Akki isaanin je'e; yaa ilmaan kiyya hoggaa misra geessan ,hulaa mandara yookaa gibbii biyya sanii,takkaan, hundi keessan,wal geessanii hin seeninaa,

*Adda wal qooda'aa, hulaa adda addaatin seenaa, akka ijji namaa,yookaa budaan isin hin nyaanne,

وَنَمِيرُ أَهْلَنَا

وَنَحْفَظُ أَخَانَا

وَنَزِدَادُ كَيْلٍ بَعِيرٍ

ذَلِكَ كَيْلٌ يَسِيرٌ ﴿٦٥﴾

قَالَ لَنْ أَرْسِلَهُ مَعَكُمْ

حَتَّى تَوْتُونَ مَوْثِقًا مِنَ اللَّهِ

لَأَنْتَنِي بِهِ

إِلَّا أَنْ يَحَاطَ بِكُمْ

فَلَمَّا آتَوْهُ مَوْثِقَهُمْ

قَالَ اللَّهُ عَلَى مَا نَقُولُ وَكِيلٌ ﴿٦٦﴾

وَقَالَ يَبْنَئِي لَأَتَدَخُلُوهُنَّ مِنْ بَابٍ وَاحِدٍ

وَأَدْخُلُوهُنَّ مِنْ أَبْوَابٍ مُتَفَرِّقَةٍ

*Haa tayuu waan Rabbiin dabarse isinirraa deebisuu hin dandayu,wanni inni haa argamtuu je'e, hulaa takkaan seentanu ta adda addaatin seentanu argamuu hin ooltuu,

*Hukmiin,yookaa firidiin ta Rabbi tokkich-aati malee, tan nama biraatii mitii, waan inni fedheetu tayaa,

*An wahayyuufuu isarratti irkadhe,

67} *Namni wahitti irkatuu fedhe hundi

isarratti haa irkatuu,isinin yaa ilmaan kiyya isumatti irkadhaa,an wannin akkas isiniin je'eef, qalbiin abba'aa waan ilmaanii tolu ni yaaddi'iifii malee, malli kiyya waan Rabbiin fedhe deebisa'aafii miti.

*Duuba hoggaa akka abbaan isaan gorsetti, misra seenan,

*Akkasitti seenun waa takka waan Rabbi fedhe isaanirraa hin deebifne,

*Haa tayuu akkasitti seenun nabi ya'quub haajaa baase,haajan qalbii nabi yakgquuba keessa jirtu,balaa ilmaan ifirraa deebisuu fedhu' .

*Nabi yakgquub akka waan Rabbiin fedhe namni deebisuu dandayu hin jirre, akkaan beekha,

*Sababaa waan nuti isa barsiifnef, nabiiyii isa goonee ,waan dhufaa taa'u isa beysifnee,

68} *Haa tayuu irra hedduun namaa akka Rabbiin nama fedhe waan fedhe beysisu hin beekhan .

*Obboleeyyan uusuf hoggaa misra dhaqanii , yuusufitti seenanii,kunoo obboleessi keenya kan fidaa nuun jette kana je'aniin,

*Yuusuf obboleessa isaa san ifitti qabee,

*Akki je'een,

*An obboleessa kee yuusufii,

وَمَا أُغْنِي عَنْكُمْ مِنَ اللَّهِ مِنْ شَيْءٍ

إِنَّ الْحُكْمَ لِلَّهِ

عَلَيْهِ تَوَكَّلْتُ

وَعَلَيْهِ فَلْيَتَوَكَّلِ الْمُتَوَكِّلُونَ ﴿٦٧﴾

وَلَمَّا دَخَلُوا مِنْ حَيْثُ أَمَرَهُمْ أَبُوهُمْ

مَا كَانَ يُغْنِي عَنْهُمْ مِنَ اللَّهِ مِنْ شَيْءٍ

إِلَّا حَاجَةً فِي نَفْسِ يَعْقُوبَ قَضَاهَا

وَإِنَّهُ لَذُو عِلْمٍ

لِمَا عَلَّمْنَاهُ

وَلَكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٦٨﴾

وَلَمَّا دَخَلُوا عَلَى يُوسُفَ

ءَاوَىٰ إِلَىٰ إِلَيْهِ أَخَاهُ

قَالَ

إِنِّي أَنَا أَخُوكَ

*Hin yaaddawin,

69} *Waan isaan nutti dalaganii jettee, ammoo akkan obboleessa kee taye, obbole- enyan keenya kaanitti hin odeessin je'eenii, heela isaan jalaa,if biratti isa hambisuu, itti hime.

*Duuba hoggaa midhaan isaanii saffaree, fe'uuf,

*Suguda wahiin saffaran kan ziqiyarraa to- lfame, meeshaa obboleessa isaa keessa ka- ayee ,itti hidhee, fe'atanii,amnaaf karaa bu'an

*Duuba hoggaa isaan karaa bu'an ,lallabaan isaan duubaa itti lallabee,

*Yaa warra fe'atee yaa'u,

70} *Isin hattoota dhaabbahaa je'een.

71} *Hoggaa san if duuba gara galanii ma- al dhabdanii hattuu nuun jettan? je'aniin.

*Suguda mootichaati dhabnee,

*Namni isa argee fide, midhaan waan gaalli tokko ba'atu argata .

72} *Nama argee midhaan gaala tokko ke- nnu'uu, if qabee, barbaadaa je'aniin.

*Jennaanin; wallaahi akka nuti waan hamt- u'uun dachii balleessu'uu hin dhufin isinuu beytanii jirtan,waan isin tanaan dura mee- shaa teenya keessatti dhoysitan isinii dee- bisu'uun,

73} *Nuti hattuu mitii,yoo feetan meeshaa teenya keessa barbaadaa, je'aniin.

74} *Jennaanin akki je'aniin akka sharii'aa teessanitti,qixaan'i nama waa hatee maali? yoo sugunni isin biratti mul'atee , nuti waan hannuun isin jettan kijiba tayuun mul'atte je'aniin.

فَلَا تَبْتَئِسْ

بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٦٩﴾

فَلَمَّا جَهَرَهُمْ بِجَهَارِهِمْ

جَعَلَ السَّقَايَةَ فِي رِجْلِ أَخِيهِ

ثُمَّ آذَنَ مُؤَدِّنُهُ

أَيْتُهَا الْعَبِيرُ

إِنَّكُمْ لَسَّرِقُونَ ﴿٧٠﴾

﴿٧١﴾ قَالُوا وَأَقْبَلُوا عَلَيْهِمْ مَاذَا تَفْقَدُونَ

قَالُوا نَفَقْدُ صُوعَ الْمَلِكِ

وَلَمَنْ جَاءَ بِهِ جُمْلُ بَعِيرٍ

وَأَنَابَ بِهِ زَعِيمٌ ﴿٧٢﴾

قَالُوا تَاللَّهِ لَقَدْ عَلِمْتُمْ مَا جِئْتَنَا لِنُفْسِدَ فِي

الْأَرْضِ

وَمَا كُنَّا سَارِقِينَ ﴿٧٣﴾

﴿٧٤﴾ قَالُوا فَمَا جَزَاؤُهُ إِنْ كُنْتُمْ كَاذِبِينَ

*Jennaanin akki je'aan; qixaan'i isaa nam-
umti wanni hatame biratti ergame qabamee
gabra godhamu' ,

*Jazaan waan hatamee, isuma hate sani isu-
maatu gabroonfama malee waan biraatii
miti , maalif akka shari'aa nabi yakgquubitti
qixaan'i hattu'u'uu; gabra isa godhu'u,
75} *Akkasitti nama hate qixaan'a, je'anii ,
akka meeshan isaanii laalamtu godhan

*Duuba suguda barbaaduu meeshaa isaan-
itiin jalqabe, kan obboleessaa isaa dura,

*Eega ta isaanii keessa barbaadee dhabee,
ta obboleessa isaa {binyaamiin} banee kees-
satti argee baase,hoggaa san rifatanii waan
je'an wallaalanii, akkasitti nabi yuusuf obbo-
leessa isaa qabatee, karaa if biratti isa han-
bisuun argate,

*Rabbiin akki je'e ;akkasitti yuusuf heelaa
obboleessa isaatin qabatu barsiifne,

*Yuusuf silaa obboleessi isaa waan inni ha-
teef jecha qabatee gabroonfatuu hin da-
ndayu,

*Akka heera mootii misratti, maalif heera
biyya misratti namni hate,ni tumama malee,
hin gabroonfamu,

*Yoo Rabbiin fedhe malee, obboleessa

isaa qabatuu hin dandayu,haa tayuu Rabbiin feennan yuusuf qixaan'i hattu'uu
maali je'ee obboleeyyan isaa gaafatee, isaanis heerri abbaa keenyaa nama hate
isuma qabatanii gabroonfatuu je'aniinii akkasitti yuusuf heera abbaa isaatin
obboleessa isaa qabatee fedhii Rabbiitin hambifate,

*Nutu darajaa yookaa guddina nama feenee
ol fuuna, beekkomsa kennineefii,

76} *Nama waa beekhu hundarraa,kan waa
beekhutu jira, namni wahin beekha je'u hu-
ndi nama isarra waa baakhu hin dhabu.

قَالُوا جَزَاؤُهُ مِنْ وَجْدِ فِي رَجُلِهِ

فَهُوَ جَزَاؤُهُ

كَذَلِكَ نَجْزِي الظَّالِمِينَ ﴿٧٥﴾

فَبَدَأَ بِأَوْعِيَتِهِمْ قَبْلَ وِعَاءِ أَخِيهِ

ثُمَّ اسْتَخْرَجَهَا مِنْ وِعَاءِ أَخِيهِ

كَذَلِكَ كَدْنَا لِيُوسُفَ

مَا كَانَ لِيَأْخُذَ أَخَاهُ

فِي دِينِ الْمَلِكِ

إِلَّا أَنْ يَشَاءَ اللَّهُ

نَرْفَعُ دَرَجَاتٍ مَن نَّشَاءُ

وَفَوْقَ كُلِّ ذِي عِلْمٍ عَلِيمٌ ﴿٧٦﴾

*Duuba sugunni obboleessa isaa biratti argamna obboleeyyan isaa sun akki je'an; gurbaan kun yoo kan ar'a; suguda hatee nu qaanesse taye, obboleessi isaa kan isaan haadhaa takkaa, isa dura waa hatee jiraa, kun waan haadha isaanirraa dhaalanii, je'an, obboleessi isaa kan dura waa hate je'an kan isaan itti fedhan {yuusufi}, wanni isaan akkas je'aniif, yuusufu gaafa xiqqa'aa sanama taabota abbaa haadha isaa jalaa, dhoysa'aan fuudhee, akka hin ibaanne'eef caccabsee, san hammaatti lakkaawanii ni hate je'an

﴿ قَالُوا إِن يَسْرِقَ فَقَدْ سَرَقَ أَخٌ لَّهُ مِنْ قَبْلُ ﴾

*Yuusuf waan isaan je'an garaa isatti dhoyfatee, kan isaanitti hin mul'isin, akki je'e;

﴿ فَاسْرَهَا يُوسُفُ فِي نَفْسِهِ - وَلَمْ يَبْدِهَا لَهُمْ ﴾

*Isintu yuusufiifii obboleessa isarra badoodha, kan yuusuf, abbaa keessan jalaa baafatanii, akka hamaa gootanii miitan,

﴿ أَنْتُمْ شَرٌّ مَكَانًا ﴾

77} *Rabbiin waan isin dubbattan ni beekha je'e obboleeyyan yuusuf kan gara abba'aa, hoggaa obboleessa isaanii kan yuusufiin, haadha takkaa, biratti, sugunni mootii misraa mul'atee, akka shari'aa isaanitti ni qabamaa beekhan.

﴿ وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا تَصِفُونَ ﴾

*Akki mootii misraa yuusufiin je'an; kan akka inni yuusuf taye hin beyne,

﴿ قَالُوا ﴾

*Yaa mootii misraa { namni misra mooyu hundi { aziiz } je'ama, akkuma namni habasha mooye marti najaashii je'amu} wanni mootichaan je'an,

﴿ يَا أَيُّهَا الْعَزِيزُ ﴾

*Gurbaan sugunni biratti argame kun abbaa dullacha, guddaa, qabaa, bakka obboleessa isaa kan dhabamee buufateeti, isaan booharaa, irraa hafuun dandayuu,

﴿ إِنَّ لَهُ أَبًا شَيْخًا كَبِيرًا ﴾

*Bakka isaa tokkoo keenya qabadhuu, yoo feete gabroonfadhu,

﴿ فَخَذُّ أَحَدَنَا مَكَانَهُ ﴾

78} *Nutii akka ati, hedduu tola nuu oolte, agarraa, akkasumatti tola nuu oolii waan nuti sirraa barbaane nuu ehami, je'aniin.

﴿ إِنَّا نُرِيكَ مِنَ الْمُحْسِنِينَ ﴾

*Jennaanin mootichi misraa wanni je'een;
Rabbitti maganfanna,

*Nama meeshaa teenya biratti agarre malee
,nama biraa qabatu'urraa, Rabbitti magan-
nfanna

79} *Nutu yoo bakka isaa nama biraa qab-
anne, warra cubbuu dalage taana, akka isinuu
shari'aa teenyatti, qixaan'i nama waa hatee
isuma qabani gabraonfatuu jettan, tanaaf
jecha bakka isaa isin hin qabannu, je'een.

*Duuba hoggaa yuusuf, mootin misraa waan
isaan barbaadan ehamu'uuf didee , garaa
irraa muratan,

*Kophaa maqoo bayanii, wal maryatanii,

*Kan isaan keessa irraa gudda`aa, ayli`iin

takkaa umri'iin, takkaa matumma'aan ,kan ayli'iin irra gudda'aa {yahuuza-
adhaa} kan umri'iin irra gudda'aa {roobeli} kan matumma'aan irraa gudda'aa
{sham'uuni}, tokkoon isaanii wanni obboleeyyan isaatin je'e

*Si akka abbaan keessan, Rabbiin isin kaysi-
iisee akka ilma isaa deebifaniif baallama
isinirraa fuudhe, baytanii hin jirtanii ?

*Tanaan duras, dubbii yuusuf keessatti, bal-
leessaa isinirraa argamte beytanii mitii ?

*Tanaaf jecha, an asii hin sosso'u, isiniin
wajji biyyatti hin deebi'uu misruman taa'a,

*Hanga abbaan kiyya biyyatti deebi'uu naa
eehamutti

*Takkaa Rabbiin asii bayuu naa fedhutti,
obboleessa kiyya naa gad dhiisu'uun , ta-
kkaa an du'u'uudhan,

80} *Rabbiin irra caalaa nama haqaan firdii
godhuutii, haqaan malee firdii hin godhuu.

*Ammoo isin yaa obboleeyyan kiyya ,
abbaa keessan ya'quubitti deebi'aadhaa, yaa
abbaan keenya ilmi kee {benyaamiin} waa
hateeti qabame,

**Nutu hanna isaa kana, hin beyne, eega su-
gunni hatame meeshaa isaa keessatti argame

قَالَ مَعَاذَ اللَّهِ

أَنْ نَأْخُذَ إِلَّا مَن وَجَدْنَا مَتَّعَيْنَاهُ

إِنَّا إِذَا أَظْلَمُوا ﴿٧٩﴾

فَلَمَّا اسْتَيْسَسُوا مِنْهُ

حَاصُوا نَجِيًّا

قَالَ كَبِيرُهُمْ

أَلَمْ تَعْلَمُوا أَنَّ آبَاءَكُمْ قَدْ أَخَذَ عَلَيْكُمْ

مَوْثِقًا مِنَ اللَّهِ

وَمَنْ قَبْلُ مَا فَرَّطْتُمْ فِي يُوسُفَ

فَلَنْ أَبْرَحَ الْأَرْضَ

حَتَّى يَأْذَنَ لِي أَبِي

أَوْ يَحْكُمَ اللَّهُ لِي

وَهُوَ خَيْرُ الْحَاكِمِينَ ﴿٨٠﴾

أَرْجِعُوا إِلَى آبَائِكُمْ فَقُولُوا إِنَّا نَايِبُكَ

سَرَقَ

وَمَا شَهِدْنَا إِلَّا بِمَا عَلَّمْنَا

malee,

81}*Nuti waan agarre himnaa waan sa-nii achii nuti hin beynuu, Rabbiitu beekha, ammallee hoggaa baallama siif seenne inni wahi hatee qabamee hin beynee
*Yoo nu dhugo'oomsuu baatte, mee biyya misratti nama ergii, warra achii gaafadhu, waan argame siif himanii,

*Ammallee warra waliin shammada baane, kan ollaa keenyaa gaafadhu, siif himanii,

82}*Nuti hin kijibnuu dhugaa duban naa je'aadhaa abbaa keessanitti himaa je'ee obboleessi isaanii guddaan isaan gorse ,duuba akkasitti biyyatti deebi'anii, waan obboleessi isaanii guddaan isaanin je'e, abbaa isaanitiin jennaan.

*Abbaan isaanii akki je'een nabsee teessa-

ntu waan bareechite, isinitti bareechitee, waan dalaydan dalaydani qabamee, takkaayuu isintu namni waa hate nu biratti ni gabroonfama je'ee waan warri misraa hin beyne itti himeeyi ilma kiyya isin jalaa qabanii hanbisanii,

*Obsa gaari'in obsaa hayyaa, waan Rabbiin fedhe, kan inni firdii godhe, fudhetuu hin diduu,

*Wannin Rabbirraa khajeelu , ilmaan ki yya sadeen ,yuusufiifii, obboleessa isaa binyaa-miinifii, obboleessa isaanii kan misratti hafe , hunda isaanii, waliin naa galchu'uun Rabbirra khajeela,

*Rabbiin, rifatu'un an rifadhe, ni beekha,

83}*Rabbiin waa malu malee hin dalaguu ,womanaa tolu naa kennu'uuf balaa tana natti buusee, je'eenii.

*Nabi yakquub waan ilmaan isaa je'an jibbee, irraa gara galee,

*Akki je'e; way yaadan an, ilma kiyya yuusuf dhabaaf yaaduu, je'e,

وَمَا كُنَّا لِلْغَيْبِ حَافِظِينَ ﴿٨١﴾

وَسَأَلِ الْقَرْيَةَ الَّتِي كُنَّا فِيهَا

وَالْعِيرَ الَّتِي أَقْبَلْنَا فِيهَا

وَإِنَّا لَصَادِقُونَ ﴿٨٢﴾

قَالَ بَلْ سَوَّلَتْ لَكُمْ أَنْفُسُكُمْ أَمْراً

فَصَبْرٌ جَمِيلٌ

عَسَى اللَّهُ أَنْ يَأْتِيَنِي بِهِمْ جَمِيعًا

إِنَّهُ هُوَ الْعَلِيمُ

الْحَكِيمُ ﴿٨٣﴾

وَتَوَلَّى عَنْهُمْ

وَقَالَ يَا سَفَى عَلَى يُوسُفَ

*Yaada yuusufiif booyuu keessa, nabi {yagguub} ijji isaa addaatte,imimmaan keessaa dhumanii, hanga argaan isaa laafatu takkatti ,

وَأَبْيَضَتْ عَيْنَاهُ مِنَ الْحُزَنِ

84} *Nabi yagguub ,sababaa saniin rakkoo

فَهُوَ كَظِيمٌ ٨٤

guddoo keessa bu'e,haa tayuu ni dhoyfataa irraan mul'attu waan dhabaniif, qalbiin yaaddee, ijji booyun, kan waan Rabbiin hin feenne hin yaanne, hin jenne, hin dhoowwamu,wanni dhoowwamu huccuu ifirratti dhoosanii, iyyanii, if tumanii faarsu'uu.

*Duuba nabi yagguub yuusuf maqaa dhoyyan, eega amanni afurtamni dabree, joolleen isaa akki jetteen; wallaahi ati hanga ammaa yuusuf dubbatuu hin dhiiftuu?

قَالُوا تَاللَّهِ تَفْتُونَ تَذَكَّرْ يُونُسَ

*Hanga dhukkubsattee du'aa dhiyaattutti,

حَقِّ تَكُونَ حَرَضًا

85} *Takkaa hanga yaada yuusufiin duutu takkatti.

أَوْ تَكُونَ مِنَ الْهَالِكِينَ ٨٥

*Jennaanin akki je'een; an yaada kiyya jabbaa obsuu hin dandeenyen himadha,

قَالَ إِنَّمَا أَشْكُوا بَنِي وَحَرَبِي

*Gara Rabbii kiyyaatii,gara nama biraatii mitii,anaafii, Rabbii kiyya jidduu hin seeninaa,

إِلَى اللَّهِ

86} *An waan isin hin beynen, Rabbii

وَأَعْلَمُ مِنَ اللَّهِ مَا لَا تَعْلَمُونَ ٨٦

kiyyarraa beekaa,akka yuusuf kiyya nama jiru taye, kan abjuun inni gaafa joolle'ee arge, mul'atu'uu jiraatun beekaa, na dhiisaa je'een,wanni odeeffame nabi yagguub malaaykicha lubbuu fuudhu argeeti yuusufirraa gaafatee akki je'een; yuusuf kiyya warra lubbuu isaanii fuutee du'an keessa jiraa? jennaanin, lakkii hin duunee ni jiraa barbaadadhu je'eenii, du'aa'ii tan barsiisee; {yaa zhamakgruufiddaa'im allazhii laa yanqaxikgu makgruufuhuu abdan farrij kagannii} je'ee khadhadhu je'ee barsiisee akkasitti Rabbi khadhaatee joollee isaatin akki je'e.

*Yaa ilmaan kiyya, yuusuf ni jiraa, deema'aa yuusufiifii, obboleessa isaa barbaadaa,

يَبْنِي أَذْهَبُوا فَتَحَسَّسُوا مِنْ يُونُسَ وَأَخِيهِ

*Rahgmata Rabirraa garaa hin murinaa ,

وَلَا تَأْتِسُوا مِنْ رَوْحِ اللَّهِ

*Rahgmata Rabirraa nam tokkolleen garaa hin muratu,

إِنَّهُ لَا يَأْتِسُ مِنْ رَوْحِ اللَّهِ

87} *Warra Rabbitti kafare yoo taate malee, tanaaf jecha deema'aa isaan lachuu barbaadaa, yookaa iyyaafadhaa je'een.

إِلَّا الْقَوْمَ الْكَافِرُونَ ﴿٨٧﴾

*Ilmaan nabi yakgquub hoggaa shamadaaf ,ammallee yuusufiifii ,obboleessa isaa barbaadaf, biyya misratti deebi'an, mootii misratti seenanii akki je'aniin;

فَلَمَّا دَخَلُوا عَلَيْهِ قَالُوا

*Yaa mootii misraa, nuufii aalii teenya abaar tuqee,

يَا أَيُّهَا الْعَزِيزُ مَسَّنَا وَأَهْلَنَا الضُّرُّ

*Meeshaa gurguraa ,tan nafii , yookaa ayaa, hin qabneen dhufnee, tan namni arge hundi jibbee deebisu, {akka je'anitti maalaqa badaa meetaa kan wanni biraa itti makamte},

وَجِئْنَا بِضِغَعَةٍ مُّزْجَلَةٍ

*Duuba meeshaa teenya, hamtuu tana fudhuutii, saffara nuuf guutii,

فَأَوْفٍ لَّنَا الْكَيْلَ

*Meeshaa tana nurra ehamtee, midhaan nuu saffaruudhan nutti sadaqadhu,

وَتَصَدَّقَ عَلَيْنَا

88} *Rabbiin warra waa Sadaqatuuf, ga lata galchaa, yookaa sawaaba kennaa je'aniin, hoggaa san isaanii nayee ,isaafii isaan jiddu'uu girdoo fuudhee, ifitti isaan dhiyeessee.

إِنَّ اللَّهَ يَجْزِي الْمُتَصَدِّقِينَ ﴿٨٨﴾

*Akki isaanin je'e; isaan xixu'uuf,

قَالَ

*Waan yuusufitti dalaydan ammallee kan

هَلْ عَلِمْتُمْ مَا فَعَلْتُمْ بِيُوسُفَ وَأَخِيهِ

obboleessa benyaamiinitti dalaydan beytuu? yaadattuu? yuusuf tumtanii eelatti darbitanii ,inni eela baanan gabricha keenya jettanii gurgurtanii, obboleessa isaa eega isaan adda bayee itti rooriftanii if jibbisiiiftanii,

89} *Isin gaafa yuusuf akkas gootan san,

إِذْ أَنْتُمْ جَاهِلُونَ ﴿٨٩﴾

waan inni tayu'uu taa'u hin beytan odoo beytanii silaa akkas hin dalaydaniin, je'een ..duuba obboleeyyan isaa sun, dubbii gad qabanii, haala isaa laalanii, inni yuusuf tayuu beynan.

*Akki je'aniin yaa mootichana, ati yuusumaa?

قَالُوا أَءِذَا نَتَّكَ لَأَنْتَ يُوسُفُ

*Eeyee an yuusufuma, kun obboleessa kiyya kan garaa tokkichaati,

قَالَ أَنَا يُوسُفُ وَهَذَا أَخِي

*Rabbiin nagayaan kunoo walitti nu fidee, nu qananiise,

قَدْ مَكَرَ اللَّهُ عَلَيْنَا

*Rabbiin nama isa sodaatee, balaa isatti buuse hunda obsee ba'ate,

90} *Rabbiin sawaaba nama tolee hin ball-
eessu ol kaayefii ,tiyseeffii ,addunya'aa aakh-
ira'atti kennaaf je'een.

*Jennaanin akki je'aniin; wallaahi Rabbiin nurra si caalchisee,darajaa tee guddise,

91} *Nutu Rabbi sodaatuu oolleti, cubbu`-

urraa dhaabbatuu dhabnee,si xiqqeessinee, wanni shakkiin qabne, Rabbiin si guddiseeti,nu xiqqeessie, fuula kee dura nu dhaabee nuu araaramii, Rabbillee akka nuu araaramuu nuu khadhu je'aniin.

*Jennaanin namni isin komatu, yookaa maalif kana dalaydan je'ee isin fixu hin jiru,

*Rabbiin waan dabre hunda, isiniif araarama,

92} *Inni, nama gara isaa deebi'eef rahgmata godheeti ,qeebalaa hin yaaddawinaa je'eenii, abbaan keenya akkam jira ,je'ee gaa-fannaan, nagaya qabaa, haa tayuu ijaan hin argu jennaanin, akki je'een.

*Qamisa kiyya kana fuudha'aa ,deema'aa ,biyyatti, deebi'aadhaa,

*Qamisa kana, fuula abbaa kiyyarra kaayaa,

*Argaan ni deebitiifii, nama argu tayeeti dhufaa,

93} *Aalii teessan hunda dhala'aa dhiiran naa fidaa, je'een.

*Duuba hoggaa fe'atanii, misrarraa amna jalqaban,

*Abbaan isaanii, kan biyya hanga amna, guyyaa saddeetii misrarraa fagaattu jiru, warra isa bira jiruun akki je'e;

*An foolee, yookaa shurufkaa yuusufin arga,

94} *Odoo tottorra'e naan je'u baattanii silaa na dhugo'oomsitan je'een.

إِنَّهُ مِنْ يَتَّقِ وَيَصْبِرْ

فَأَنَّ اللَّهَ لَا يُضِيعُ أَجْرَ الْمُحْسِنِينَ ﴿٩٠﴾

قَالُوا تَأَلَّوْنَا لِلَّهِ لَقَدْ ءَاتَيْنَاكَ اللَّهُ عَيْنًا

وَأَن كُنَّا الْخَاطِئِينَ ﴿٩١﴾ قَالَ

لَا تُتْرِكُ عَلَيْكُمْ أَيُّمٌ

يَغْفِرُ اللَّهُ لَكُمْ

وَهُوَ أَرْحَمُ الرَّاحِمِينَ ﴿٩٢﴾

أَذْهَبُوا بِقَمِيصِي هَذَا

فَأَلْقُوهُ عَلَىٰ وَجْهِ أَبِي

يَأْتِ بِصِيرًا

وَأَنؤُنِفِ بِأَهْلِكُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٩٣﴾

وَلَمَّا فَصَلَتِ الْعِيرُ

قَالَ أَبُوهُم

إِنِّي لَأَجِدُ رِيحَ يُوسُفَ

لَوْلَا أَن نَفَخْتُمْ دُونَ ﴿٩٤﴾

*Jannaanin warri isa dhagaye akki je'een;

قَالُوا

95} *Wallaahii ati jallinuma dur keessa jirta

تَاللّٰهِ اِنَّكَ لَفِي ضَلٰلِكَ الْكٰدِمِ ﴿٩٥﴾

kan jaalalti yuusuf, akkuma duritti sitti jabeessitee, eega barri dheeran, bara afurtam gayu dabree yuusuf yaadattu, akki isaan yaadan yuusuf nama du'ee dabre malee , nama jiruu miti jechu' .

*Duuba hoggaa gammachiisan,takkaa gammadaan qamisa yuusufiin, abbaa yuusuf, fa-yya'aafii, jiruu yuusufiin gammachiisu'uu deemu inni {yahuuza'aa} abbaa isaa bira gayu,

فَلَمَّا اَنْ جَاءَ الْبَشِيْرُ

*Qamisa yuusuf san fuula abbaa isarra kaaye,

اَلْقَاهُ عَلٰى وُجُوْهِهٖ

*Duuba ijji isaa tan duraan bishaan keessaa dhumanii jaamte yookaa waan agarre, akka duritti deebitee waa agarte,

فَاَرْتَدَّ بَصِيْرًا

96} *Duuba nabi yakgquub hoggaa qamisa yuusuf argee jiruu isaa hubatee,ijji isaa deebituuf, akki aalii isaatin je'e ; waan isin hin beyne Rabbiin na beysisee yuusuf ni jira, isiniin hin jennee, je'een.

قَالَ لَمْ اَقُلْ لَكُمْ اِنِّيْٓ اَعْلَمُ مِنَ اللّٰهِ مَا لَا

تَعْلَمُوْنَ ﴿٩٦﴾

97} *Jennaanin akki je'an; yaa abbaa keenya nuti dilooynee,cubbuu dalaynee,araarama Rabbirraa nuu barbaadi, je'aniin.

قَالُوْا يَا اٰنَا اَسْتَغْفِرْ لَنَا ذُنُوْبًا اِنَّا كُنَّا خٰطِيِْٓٔيْنَ

﴿٩٧﴾

*Jenaanin akki je'een; waytii hiraabatan araarama Rabbirraa isiniif khadha halkan gama boodaa du'aa'in yookaa khadhaan Rabbii akkaan qeebalamtii,

قَالَ سَوْفَ اَسْتَغْفِرُ لَكُمْ رَبِّيْٓ

*Rabbiin kan nama gara isaa deebi'ef araaramuu,

اِنَّهٗ هُوَ الْعَفُوْرُ

98} *Kan nama isatti dhiyef rahgmata go-

الرَّحِيْمُ ﴿٩٨﴾

dhuu je'een Nabi yuusuf eega qamisa isaa abbaa isaatii ergee, abbaa isaatif ijji deebitee, horii ergeetifi, abbaa isaatifii, warri isaan wajji jiru ,kan torbaatamii lama gayu, sinqii godhatee,biyya misraa yuusufitti dhaqu'uuf karaa bu'an , du-uba eega hanga guyyaa saddeetii, karaa yaa'anii, hoggaa mandara misratti dhiyaatan, nabi yuusuf warra gurgudda'aan wajji, bayee isaan dhiyeesse, takkaayuu dabaale

*Duuba hoggaa nabi yuusufii abbaa isaa afaan bayee, bakka takka taa'ee, warra biyyaatin wajji eegu, abbaa isaatiffii warri isaan wajji jiru yuusuf arganii bakka inni taa'utti itti seenan,

فَلَمَّا دَخَلُوا عَلَىٰ يُوسُفَ

*Haadhaa abaa isaa, yookaa abbaa isaa tiffii indooyyee yookaa haboo isaa tan eega haati yuusuf duutee abbaan isaa fuudhe, ifitti isaan qabee ,dhudhuggatee, nagaya wal gaa-fatani,

ءَاوَىٰ إِلَيْهِ أَبُوَيْهِ

99}*Akki je'een ; yoo Rabbi je'e nagayaan misra seenaa.

وَقَالَ ادْخُلُوا مِصْرَ إِن شَاءَ اللَّهُ ءَامِنِينَ ﴿٩٩﴾

*Nabi yuusuf abbaa isaatiffii, indooyyee isaa siree mootumma'arratti ol baasee wajji tattaa'an,

وَرَفَعَ أَبُوَيْهِ عَلَى الْعَرْشِ

*Obboleeyyan Yuusufiifii haadhaa abbaan

وَخَرُّوا لَهُ سُجَّدًا

isaa yuusufiif sujuudan ,sujuuda gad je'iinsaa yookaa kabajiinsaa, kan mataa isaanii lafan keenye, maalif wal kabajuu isaanitiitu gaafa san, mata'an walii gad je'u, takkaa mataa lafa khaayaniiti sujuudaniif, Rabbiif galata galchu'uu jecha, wanni odeffame nabi yakgquub hoggaa ilma isaa argee, yaanni irraa deemee, qalbiin qabbanooytu, akki yuusufin je'e; yaa yuusuf yaa kan yaada narraa deemsise, jennaan, yuusuf akki je'een; yaa aabboo aakhiraadhattuu wal arguun oolluu maalif yaadan if ajjeefte je'een jennaanin yaa ilma kiyya, san nan beekhaa, wannin sodaadhe diin kee tuqamee, wal arguu dhabuu, je'een,

*Duuba nabi yuusuf waan isarra dabre

وَقَالَ يَتَابِتْ هَذَا تَأْوِيلُ رُءْيَايَ مِنْ قَبْلُ

,abbaa isaatii odeessu'uu jecha akki je'e ; yaa abbaa kiyya wanni ati gartu kun, hiikkaa abjuu anaa xiqqa'aa argeeti, tafiira manaama saniiti, ji'aaffii, aduun haadhaa abbaa kiyyaa, ammoo urjiin kudha tokko tan naaf sujuudde, obboleeyyan kiyyaa,

*Rabbiin kiyya, manaaman anaa joolle'ee arge san, dhugaa godhee taasise,

قَدْ جَعَلَهَا رِيًّا حَقًّا

*Ammallee Rabbiin tola naa oolee jira

وَقَدْ أَحْسَنَ بِي إِذْ أَخْرَجَنِي مِنَ السِّجْنِ

gaafa mana hidha'aatii na baase, nabi yuusuf Rabbiin eela itti darbamee isa baasuu hin dubbannee irra dabre akka obboleeyyan isaa kanneen eelatti isa darban, kanneen isaan wajji tattaa'an san, qalbiin hin caphne'eef jecha,

*Ammallee Rabbiin kiyya tola naaf oolee jira, kan baadiya'aa isin fidee, bakka takkatti walitti nu qabe,

وَجَاءَ بِكُمْ مِنَ الْبَدْوِ

*Eega sheyxaanni naafii obboleeyyan kiyya jiddu'utti badii darbee, waan hamtuu dalay-siisee, adda nu baasee,

*Rabbiin kiyya kan waan fedhe tolchee dalagu kan hamtuu fakkeessee toltuu namaa kennu,

100} *Rabbiin kan waa hunda keessa beekhu, kan hikmaa qabu, kan dalagaan isaa waan malu malee hin taane.

*Yaa Rabbi mootumma'arraa yookaa mootummaa naa kennitee sun mootummaa mi-sraatii,

*Ammallee manaama fassaruu na barsiiftee jirtaa,

*Yaa kan sami'iifii dachii uume, waan isaan lamaan jidduu jiruufii, waan isaan lamaan keessa jiru hunda uume,

*Yaa Rabbi ati aanaa kiyya kan dubbiin tiyya harka isaa jirtu,

*Addunya'aafii aakhira'attillee,

*Yaa Rabbi diinaa keetirratti na ajjeessi ,isl-aamumma'arratti na ajjeesi,

101} *Warra toletti na ida'i, takkaa na dhaqqabsiisi, abbootii tiyya anbiyootatti na dhaqqabsiisi karaa isaanirratti na ajjeesuudhan.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ,wanni dubbii yuusufitti rarra'u, kan siif odeessine sun, oduu sirraa fago'ootii, ati nama birarraa hin dhageenyee,

*Nuutu oduu san akka argamtetti siif odeessa,

*Ati ilmaan yakgquub bira jiraatuu hin turre

*Gaafa isaan waan dalagu'uu deeman ,walii galanii muratan,

102} *Isaanii yuusufitti rorrisuudhaa demu, eelatti isa darbu'uun, oduu san karaa qur'aana sirratti buufnen beyte malee, karaa biraa-tinii miti.

مِنْ بَعْدِ أَنْ نَزَعَ الشَّيْطَانُ بَيْنِي وَبَيْنَ إِخْوَتِي^٤

إِنَّ رَبِّي لَطِيفٌ لِّمَا يَشَاءُ^٥

إِنَّهُ هُوَ الْعَلِيمُ الْحَكِيمُ ﴿١٠٠﴾

﴿١٠٠﴾ رَبِّ قَدَّاءَاتِي مِن الْمَلَكِ

وَعَلَّمَنِي مِنْ تَأْوِيلِ الْأَحَادِيثِ^٤

فَاطِرَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

أَنْتَ وَرَبِّي

فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ^٥

تَوْفَى مُسْلِمًا

وَالْحَقِّي بِالصَّالِحِينَ ﴿١٠١﴾

ذَلِكَ مِنْ أَنْبَاءِ الْغَيْبِ

نُوحِيهِ إِلَيْكَ^٥

وَمَا كُنْتَ لَدَيْهِمْ

إِذْ أَجْمَعُوا أَمْرَهُمْ

وَهُمْ يَمْكُرُونَ ﴿١٠٢﴾

103}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad irra hedduun namaa ,isaan kuffaaraa, odoo haa amanani`iif hangamuu jaatanii gootelle'ee hin amanan,waan odoo beekanuu kafaraniif jecha, takkaa kufrummaa maraxataniif jecha

*Ati qur'aana isaan barsiisu'urratti waa naa kenna hin jettuun, yoo kan wahi nurraa fudhata'aaf amanuu didan taate,

104}*Qur'aanni kun waan biraatii mitii, waan gabroottan Rabbii karaa tolaa barsiisu, kan waan gaarii yaadachiisu.

*Aayatuma taatee haa taatuu, tan tow-hgiida Rabbii barsiiftu, takkaa isaan gars-iiftu, waanuma milakkata taye,kan karaa iimaanaa isaan qajeelchu,

*Kan sami'iifii dachii keessa jiru,kan akka adu'uu, kan akka ji'aa, kan akka urji'ii, kan akka baharaa, kan akka lagooti'ii, kan akka waan nyaatanii dhuganii, kan akka waan uffatanii, kan akka waan huranii, kan akka uumaa nabsee isaanii faa,

*Aayata san mara,irra dabranii, ijaan arganii,

105}*Haa tayuu isaan, aayata saniin hin gorfamanii, irraa gara galan.

106}*Irra hedduun namaa, isaan kuffaaraa,

isaanii Rabbitti waa qindeessu malee , iimaana qulqulluu hin amanan makg-naan kana irra hedduun kuffaaraa; Rabbiin ni jiraa, isaatu waa uumaa , ni beekhanii, haatayuu waan biraatii itti qindeessan, shariika Rabbiif godhan, namaan Rabbi je'anii, takkaa ilma Rabbiiti je'anii, takkaa muka, jinnii, gabbaranii.

*Si warri Rabbitti kafaru sun,qixaan'I aza-aba Rabbii,isaanitti dhufee, isaan ukkaams-u'urraa if amananii?

107}*Takkaa qiyaaman, dingatatti ,isaanii if quban qabne hatattamatti isaanitti dhuftee dhumu'urraa if amananii?

وَمَا أَكْثَرُ النَّاسِ وَلَوْ حَرَصْتَ

بِمُؤْمِنِينَ ﴿١٠٣﴾

وَمَا تَسْأَلُهُمْ عَلَيْهِ مِنْ أَجْرٍ

إِنَّ هُوَ إِلَّا ذِكْرٌ لِلْعَالَمِينَ ﴿١٠٤﴾

وَكَأَيِّن مِّنْ آيَةٍ

فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

يَمُرُّونَ عَلَيْهَا

وَهُمْ عَنْهَا مُعْرِضُونَ ﴿١٠٥﴾

وَمَا يُؤْمِنُ أَكْثَرُهُمْ بِاللَّهِ إِلَّا وَهُمْ مُشْرِكُونَ ﴿١٠٦﴾

أَفَأَمِنُوا أَن تَأْتِيَهُمْ غَشِيَةٌ مِّنْ عَذَابِ اللَّهِ

أَوْ تَأْتِيَهُمُ السَّاعَةُ بَغْتَةً وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿١٠٧﴾

*Kuffaaran akki jettu; karaan kiyya kana sun maali?

قُلْ هَذِهِ سَبِيلِي

*An karaa ifaadhanan, gara Rabbii nama yaama, karaa beekkomsa qabu, kan ragaa dhuga'aa qabuun,

أَدْعُو إِلَى اللَّهِ عَلَى بَصِيرَةٍ

*Naafii warri na jala deemu, diinaa Rabbitti gabroottan isaa yaamna, karaa dhokataa jalla'aanii mitii,

أَنَا وَمَنْ أَتَّبَعِي

108} *Rabbitti waa isatti qindeessu'urraa qu-lqullaayee ,an nama isatti waa qindeessuu miti.

وَسَبِّحْ لِلَّهِ وَمَا أَنَا مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٠٨﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, si dura malaaykaa namatti erginee, keessa taa'aa-dhaa diinaa barsiisaa, hin jenneenii namurraa

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ إِلَّا رَجُلًا نُوْحِي إِلَيْهِمْ

مِّنْ أَهْلِ الْقُرَىٰ

dhiira ,warra qubaturraa takkaa mandararraa maran'ee ,kitaaba irratti buufnee ,nama qajeelchaa jennee, erginaa, mee maalif kuffaarri ;Rabbiin yoo nu qajeelchuu fedhe namaa mitii, malaaykaa nutti haa erguu, siin je'a, Rabbiin namumaan nama qajeelchaa sanuu, dhiira magaala'arraa maraxee, malaaykaa isatti ergee, diinaa barsiisee, duuba namni sun nama akka isaa, diinaa Rabbii barsiise ,maalif ? nama afaan walii beekhutu, waa walirraa beeka jecha'aafi, wanni Rabbiin anbiyaa warra magaala'arraa erguuf isaantu beekkomsaaffii, obsallee, warra baadiya'arra qaba'aafi,

*Si ormi kuffaaraa, kan amanuu didu sun , biyya keessa olii gad deemanii,

أَفَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ

*Akka warri isaan duraa, kan Rabbitti kafare taye hin laalanii? akka boodden isaanii badii taate , arganii , warra garii kanneen sababaa isaan anbiyaa kijibsiisaniif, dachiin garaan galte, garii isaanii, kan qilleensi lafa-rraa fixee, onni isaanii hafe, arganii, saniin hin gorfamanii?

فَيَنْظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِنْ

قَبْلِهِمْ

*Mana yaroo boodatiitu, sun mana jannataa kan guyyaa boruu seenanii,

وَلَدَارُ الْآخِرَةِ

*Warra kufrii sodaatee, amaneef, irra caala,

خَيْرٌ لِّلَّذِينَ اتَّقَوْا

109} *Si ayli'iin laaltanii, waan isinii irra Caalu ,hin maraxattanii? haa tayuu jarri sun, aylii isaanii jala deemanii hin islaamayanii, ergamoota Rabbii kijibsiisaniiti, kafaran

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿١٠٩﴾

*Hanga, hoggaa ergamoonni kiyya, ummanni isaanii, Rabbitti amanu'urraa garaa muratani

*Ummanni keenya waan nuti dhufneen qe-ebaluu didee, nu kijibsiisee beekhan,

*Dirmachuun teenya isaanii dhuftee, kuffaarri bade,

*Duuba namni feene azaaba jalaa baafame isaan anbiyootafii, warra isaanitti amanee,

*Azaabni keenya hin deeffamu,

110}*Warra Rabbitti kafarerraa.

*Qisaa yookaa oduu anbiyoota keessa gorsaatu jira, takkaa oduu yuusufiifii, obboleeyyan isaa keessa, waan gorsaatu jira

*Warra aylii qabuuf,

*Qur'aanni kun, dubbii kijibaatii miti, waan namni if biraa kaasee je'uu miti,

*Haa tayuu qur'aanni kun, waan Rabbiin buuse, kan kitaabban isa dura buufame hunda dhugo'oomsu, towhgiid kitaabban sun itti yaamanitti, nama yaamu'uun

*Kan hukmii, takkaa heera itti haajaman hunda adda babaasee namaa himu,

*Kan jallinarraa qajeello'otti nama baasu,

111}*Kan warra Rabbitti amaneef rahgmata qabu.

حَتَّىٰ إِذَا اسْتَيْسَسَ الرُّسُلُ

وَوَلَّوْا أَنفُسَهُمْ قَدْ كَذَّبُوا

جَاءَهُمْ نَصْرُنَا

فَنَجَّىٰ مَنْ نَشَاءُ

وَلَا يَرُدُّ بَأْسَنَا

عَنِ الْقَوْمِ الْمَجْرِمِينَ ﴿١١٠﴾

لَقَدْ كَانَتْ فِي قَصَصِهِمْ عِبْرَةٌ

لِأُولِي الْأَلْبَابِ

مَا كَانَ حَدِيثًا يُفْتَرَىٰ

وَلَكِن تَصَدِيقَ الَّذِي بَيْنَ يَدَيْهِ

وَتَفْصِيلَ كُلِّ شَيْءٍ

وَهُدًى

وَرَحْمَةً لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿١١١﴾